

**QAACCEESSA ASOOSAMoota Afaan Qawwee
Jalattiifi Galfata Ija Yaaxina Bifiyyeetiin**

TAADDASAA GAADDISAA

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII
JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI
FOOKILOORII**

HAGAYYA, 2009/ 2017

FINFINNEE

**QAACCEESSA ASOOSAMOOTA AFAAN QAWWEE
JALATTIIFI GALFATA IJA YAAXINA BIFIYYEETIIN**

TAADDASAA GAADDISAA

GORSAAN: XILAAHUN TALIILAA (PhD)

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII
JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUU FI
FOOKLOORII**

HAGAYYA, 2009/2017

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuu guuttachuuf Taaddasaa Gaaddisaa mataduree : Qaaccessa Asoosamoota Afaan Qawwee jalattiifi Galfata ija aaxina bifiyyeetiin jedhu qophaa'ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa muumme ykn qindeessaa digrii lammaffaa (MA)

Galata

Hunda dura Jalqabaa hojii kanaatii kaasee hanga dhumaatti nuffii tokko malee nagorsaa fi naqajeelchaa kan turan gorsaa koo Dr. Xilaahun Taliilaa guddaan galateeffadha.

Itti ansee maatii koo meeshaalee irraa kaasee yaadaan kan na bira dhaabbatan galateeffchuun barbaada. Akkasumas hiriyoota koo barsiisaa Lammaa Kabbadaa fi barsiisaa Urgeessaa Xilaahun, kompitaraan barreessuun kan tumsa naaf godhan hunda kabaja guddaan qabaaf.

Jibsoo

I. Hiika Jechootaafi Gaaleewwanii

T.L	JECHA/GAALEE	HIIKA
1.	Caaccuu	Meeshaa aadaa dubartiin yeroo ateetee bulfattu ittiin faayantu/qomarra buufattu
2.	Dombii	Teessuma xiqqaa ykn gimmaa
3.	Eelaa	Miidhama/roorroo/
4.	Fooggaluu	Asiifi achi utaa luun burraaquu /dhaadachuu
5.	Hoomaa geel	Namoota baay'ee uummata lakkoofsaan heddu ta'e
6.	Qorxii	Meeshaa migirarraa hojjetamu kan daakuun ateetee itti naqamu
7.	Galfata	Waadaa imaanaa, olkeewwata

Axareeraa

Asoosamni daawwiitii addunyaa dhalli namaa keessatti ofilaaluudha. Asoosama keessatti barreessaan addunyaa mataa isaa uumee keessatti namfakkii uumuun keessa jiraachisa; gochaalee adda addaa akka isaan dalagan godha. Addunyaan asoosamaa kunis kan uumamu caacculee asoosamaa irratti. Kaayyoon hojii kalaqaa tokkoo galma ga'uu kan danda'u ijaarsiifi qindoominni caacculee asoosama sana gidduu jiru, akkasumas filannoon jechootaa, fi himootaa xiyyeeffannoo argatanii ofeeggannoon kan qindaa'an yoo ta'aniidha. Ogbarruun Oromoo gama Kanaan ga'umsa yoo qabaatan barreeffamni afaanichaa sadarkaa isaa kan eeggate ta'a. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun kan gaggeeffame yoo ta'u asoosamoota Afaan Qawwee Jalatti Jedhuufi Galfata ija yaaxina bifiiyyeetiin qaaccessuu dha. Kaayyoo gooroon qorannichaa asoosamoota Afaan Qawwee Jalatti fi Galfata jedhu yaaxina bifiiyyeetiin qaaccessuu yoo ta'u. kaayyolee gooreen immoo asoosamoota filataman keessatti ijaarsi caacculeefi qindoomina gidduu isaani jiru, akbarruu isaanii, walsimsiitota asoosamoota kanneenii sakatta'uun ibsuu fi ij yaaxina bifiiyyeetiin maal akka fakkaatan walbira qabuun agarsiisuudha. Xiyyeeffannoon yaaxina bifiiyyee caacculee fi ak-barru barreeffamichaa irratti waan ta'eef hojii kana keessattis caacculee asoosamaa kan akka seenaa, sabseenaa, namfakkii, k.k.f irratti xiyyeeffachuun haala ijaarsa isaanii qindoomina gidduu isaanii jiru ittiin sakatta'uudha. Malli Qorannoo kanaa qorannoo akkamta yoo ta'u, kitaabilee tooftaa iddatteessuu akkaayyootiin filataman keessaa ragaalee funaanaman qaxilee kaayyoo gooree fi yaaxina qorannichaa bu'uura godhateen wal simsiisuun xiinxalli taasifame akka agarsiisutti kitaabni lamaanuu ija yaaxina bifiiyyeetiin yeroo qaaceffaman waan asoosama tokko asoosama taasisu ofkeessaa kan qabani fi akkaataan ijaarsa isaanis ulaagaalee beektotaan ibsaman kan guutaniidha. Gama qindoomina caacculee gidduutti jiraachuu qabuun asoosamni lachuu haala gaariin kan qindaa'aniidha. Dubbiwwan qolaa jechamootni akkasumas walaloowwanis keessatti kan hammatamaniidha. Gama duraaduubummaa jechootaatiin wayita ilaalaman seera afaanichaa hordofanii kan naqaman ta'anii mul'atu. Akkasumas himegeree, addeessuu, waliin dubbii duubdeebiin malawwan kanneen keessatti dhimma itti bahaman yoo ta'an, qindoomina caacculee asoosamichaaf gumaachi isaanii guddaadha. Asoosamoonni kunneen yaaxina bifiiyyee irratti hundaa'uun walbira qabamanii yoo ilaalaman, walfakkeenyas garaagarummaas kan qabaniidha. Gama biraatiin namfakkii olaanaan asoosama Galfata gochaa ragaarratti irra deddeebiin raawwatamurratti, rakkoon adda addaa isa mudachaa turuufi injifannoon keessa bahuusaarratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, asoosama Afaan Qawwee jalattimmoo, roorroo uummata Oromoorratti aggaamame falmuun gooboongaleessi asoosamichaa /Baroodaan/ hanga lubbuu isaa wareeguutti kan deeme ta'uu hubachiisuudha. Kana malees asoosamoota lachuu keessatti irra deddeebiin jechootaafi dogoggorri qubee kan mul'atu ta'uun ibsameera. Haaluma walfakkaatuun asoosamoota lachuu keessatti yaada furmaataa ni ta'a jedhamee kan yaadame wajjin barruu qorannoo kana keessatti ibsameera.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata.....	iv
Jibsoo.....	v
Axareeraa.....	vi
Baafata.....	vii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduuba Qorannoo	1
1.2. Ka'umsa Qorannoo	2
1.3. Kaayyoo Qorannoo	3
1.3.1. Kaayyoo Gooroo	3
1.3.2. Kaayyoo Gooree.....	3
1.4. Barbaachisummaa Qorannoo (Bu'aa qorannoo).....	4
1.5. Daangaa Qorannoo.....	4
Qindoomina Qabiyyee Qorannoo.....	4
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	6
2.1. Yaad-rimee Qeeqa Ogbarruu.....	6
2.2. Yaaxina Bifiyyee	8
2.2.1. Seenduubee yaaxina bifiyyee	8
2.2.2. Xiyyeeffannoo yaaxina bifiyyee	9
2.2.3. Ulaagaalee Yaaxina Bifiyyee.....	10
2.2.3.1. Caacculee Asoosamaa	11
2.2.3.1.1. Seenaa.....	11
2.2.3.1.2 Sabseena	12
2.2.3.1.2.1. Caasaa Ijaarsa Sabseenaa	12
2.2.3.1.3. Namfakkiiwwan	14
2.2.3.1.3.1. Namfakkeessuu.....	15
2.2.3.1.3.2. Mala Kalaqqii Namfakkii.....	15
2.2.3.1.3.3. Mala Namfakkiiwwan itti Dhiyaatan.....	17
2.2.3.1.4. Yoomeessa	17

2.2.3.1.5. Kallattii Seeneffamaa	18
2.2.3.5.1. Gosootaa Kallattii Seeneffamaa	18
2.2.3.1.6. Waldiddaa	20
2.2.3.1.6.1. Akaakuuwwan Waldiddaa	20
2.2.3.1.7. Ak-barruu.....	20
2.2.3.1.7.1. Itti Fayyadama Afaanii.....	21
2.2.3.7.2. Dubbilee Qolaa	21
2.2.3.1.8. Dhaamsa	23
2.3. Sakattaa Barruu Walfakkii	23
BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO	26
3.1. Iddattoofi Iddateessuu	26
3.2. Madda Ragaalee.....	26
3.3. Mala Funaansa Ragaa.....	26
3.4. Mala Qaaccessa Ragaa	26
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA.....	27
4.1.1. Qaaccessa Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu	27
4.1.1.1. Cuunfaa Seenaa Asoosamichaa.....	27
4.1.1.2. Caasaa Ijaarsa Sabseenaa Asoosama Afaan Qawwee Jalatti	29
4.1.2. Qaaccessaa Namfakkiiwwan Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhuu	33
4.1.3. Qaaccessaa Yoomeessaa Asoosama Afaan Qawwee Jalatti	43
4.1.4. Waldiddaa	47
4.1.5. Kallattii Seeneffama Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti”	50
4.1.6. Dubbiiwwan Qolaa Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti”	53
4.2. Qaaccessa Asoosama “Galfata” jedhuu Ija Yaaxina Bifiyyeetiin	58
4.2.1. Cuunfaa Sabseena Asoosama “Galfata” Jedhuu	58
4.2.2. Qaaccessa Caasaa Ijaarsa Sabseenaa Asoosama “GALFATA” jedhuu	59
4.2.3. Qaaccessa Namfakkiiwwan Asoosama “Galfata” jedhuu	61
4.2.3.1. Goobaangaleessaa / duree/.....	61
4.2.3.2. Namfakkiiwwan xixiqqaa	61
4.2.4. Yoomeessa	62

4.2.5. Waldiddaa	63
4.2.6. Kallatti Seeneffamaa	65
4.2.7. Dubbiwwan Qolaa.....	65
4.2.7. Dhaamsa Asoosamoota Filatamanii	68
4.2.8. Hariiroo Asoosamoota’ Afaan Qawwee Jalattii fi Galfataa.....	69
BOQONNAA SHAN: GOOLABA CUUNFAAFI YABOO.....	71
5.1. Goolaba	71
5.2. Cuunfaa	74
5.3. Yaboo	75
Wabii	76

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonaa tokkoffaa jalatti kanneen hammataman seenduuba qoranichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo barbaachisummaa /bu'aa/ daangaa fi qindoomina qabiyyee qoranichaati.

1.1. Seenduuba Qorannoo

Ogbarruun hojii kalaqaa ilmaan namaa dhugaa hawaasa keessa jiru bu'ureeffachuun, akkaataa miidhagina qabuun kan dhiyaatuudha. Kan jechuunis dhugaa hawaasa keessa jiru akkuma jirutti kan dhiyeessu osoo hin taane fakkeessuun, mi'eessuun haala nama ofitti hawwatuun dandeettii dhuunfaa barreessichaa irratti hundaa'uundhaan kan dhiyaatuudha. Ogbarruu ilaalchisuun Asaffaa (2009:32) irratti akkasitti lafa kaa'a.

Ogbaru keessatti waan safuu (ethical attitudes, moral issues) osoo hin ka'in hin hafu. Waan namni beekaa ykn osoo hin beekiin raawwatu. Hojii kalaqaa kamiyyuu keessatti yoo dhimma hojii sanaa isa gooroo hin ta'iin, dhimmi rakkina safuu osoo hin ka'iin hin hafu. Falaasama hawaasummaa hawaasa sanarraaaddaan baasuun hin danda'amu.

Hawaasni tokko ogbarruu mataa isaa niqabaata. Ummanni Oromoos ogbarruu ofii qaba. Ogbarruu fayyadamuun haala jiruu fi jireenya isaa ibsata. Ogbarruun Oromoo yeroo gara yerootti dagaagaa kan dhufeedha. Yeroo ammaa ogbarruun Oromoo kanneen akka Asoosamaa, Walaloo, Diraamaa fi kanneen biroos nijiru. Ogbarruu ilaalchisee (Zarihuun 2004:1-3) akka armaan gadiitti ibsa.

e' î Oō ¼c¬ MÍ ¾Hdw S ÓKÝ ²È '¬ :: 'Ñ` Ó" uT Ñv } k" vwa uíōU unLf ¾} ÑKì T"¬¬ U 'Ñ` Ýe' î Oō ĀqÖ^M TKf > ĀĀKU:: e' î Oō e" M ÝG< > ekÉV uÝÁ'¬ ¾} ðÖ[& ÝÁ'¬ ¾T ĀUE¬ ¾Ý' Øvw Y ^ SJ' < S ƒ" p > Kuf:: ĀI ¾ðm^ e^¾c¬ " ¾} KÁ¿ ÑÖS™ < " ¾' <a S M< < K-Ād¿ የሚችሉ የሰዎች የሃሳብ መግለጫ ነው:: e' î Oō u} KÁ¿ ቅርጾች በቋንቋ አመካከላት የሚከሰት፤ ስለ ሰዎች በሰዎች ፤ ለሰዎች ¾T ጆÒÌ ¾ÑÖS ~ T" ìv[mÁ" I Ā" f" " >¬' f" v" É > xUa ¾T Ā` IM¬¬ ¬ unMU uí OōU ¾J' ¾ðÖ^ Y ^ '¬ TKf > " < LK" :: ĀI > " ÓÇ=I u^ " ' f e' ÓØU" & } ¬ ' ƒ" & [Í U" > ß ` MxKÉ" > " Ç=G<U Ý' ²=I Ò` Ý' Øuv© } k^ ^ u' f ĀL†¬" êOö< " ¾} KÁ¿ f" ¾e' nM Gw, < " ¾ÖnMLM TKf '¬ (²]G" : 2004 : 1-3).

Akka yaada kanaatti ogbarruun waan barreeffame mara qofa osoo hin taane kan hin barreeffamne Afoola kanneen akka Walaloo fa'aa dabalachuu danda'uu isaati.

Ogbarruu Oromoo jiran keessaa tokko Asoosamaadha. Asoosamnimmoo dheeraa fi gabaabaa adda addaa namoota garaa garaatiin kalaqamanii argamu. Barreessitoota Asoosamoota garaagaraa dhiyeessan keessaa Lalisaa Indiris Adam fi Lammii Beenya ni argamu. Lalisaan asoosama “Galfata” jedhuu bara 2016 A.L.A kan maxxansiise yoo ta’u Lammii Beenya ammo asoosamaa “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu bara 2016 dhiyeessera.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas asoosama mata duree Afaan Qawwee Jalatti” “Galfata” fi jedhan yaaxina bifiyyee bu’uura godhachuun qaaccessuudha. Qorannoon kun boqonnaawwan shan qaba. Boqonnaa tokkoffaan seensa yoo ta’u, seensa jalatti seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi qindoomina qabiyyeeti. Boqonnaan lammaffaan sakattaa barruuti. Boqonnaa sadaffaan mala qorannoo yoo ta’u, boqonnaa arfaffaan mala qaaccessa ragaati. Boqonnaa shanaffaan goolaba, cuunfaafi yaada furmaataati.

1.2. Ka’umsa Qorannoo

Qorannoowwaan garaagaraa Afaan Oromootiin yeroo garaagaraatti gaggeeffamanii jiru. Qorannoowwan kanneenis Ogbarruuratti, Fooklooriirratti, Xinqooqarratti akkasumas dandeettiiwwan afaaniirratti gaggeeffaman heddu jiru. Qorannoowwan ogbarruu irratti hojjetaman baay’inaan caacculee irratti kan xiyyeeffatani. Hanga yoonatti qorannoon afaan Oromootiin Yaaxinarratti bu’ureeffatamanii hojjetaman baay’ee miti. Haa ta’u malee qorannoo Yaaxina feeminizimii fi bifiyye irratti sagantaa digrii lammaffaa irratti bara 2013, 2014, 2015 fi 2016 hojjetaman jiru.

Yaaxina bifiyyee bu’ureeffachuun qorannoowwan gaggeeffaman lama jiraatanillee Kitabilee Asoosamootaa bara 2010 fi 2013 akkasumas 2014 maxxanfamanirratti xiyyeeffatu. Qorannoon kun immoo kitaabilee asoosamootaa Afaan Qawwee Jalattifi Galfata jedhu 2008/2016 maxxanfaman irratti xiyyeeffachuun adda isa taasisa.

Hojilee kalaqaa qeequun maal akka ta’e Fiqaaduu (2012:3) irratti Charles E. wabeeffachuun akka kaa’etti “hojilee kalaqaa qeequun firiiwwan ogbaruu keessaa tokko fudhatanii madaaluu fi qaaccessuun ykn hiikuudhaan akka hubannoof tolutti mijeessuudha”. Akka

yaada kanaatti hojilee kalaqaa qeequun ogbarruu tokko fudhatanii waantoota garaagaraa irratti hundaa’uun madaaluu, waantoota ogbaruu sana keessatti argaman qacceessuun hiika itti kennuun dubbistoonni ogbarruu sana qabxiiwwan adda addaa ka’an ilaaluun ogbarruu sana akka hubataniifi fayyadamaa ta’an gochuudha.

Ogbarruu tokko qeequuf Yaaxinaaleen hojiirraa oolan garaagaraa jiru. Yaaxinaaleen jiran kanneenis ulaagaa irratti xiyyeeffatan qabu. Yaaxinaalee kanneen keessaa tokko Yaaxina bifiiyyeeti. Yaaxinni bifiiyyee kanirraatti xiyyeeffatu hojii ogbarruu dhiyaate sana qofarrattidha. Haaluma kanaan bifiiyyee irratti hundaa’uun gaafileen bu’uuraa qorannoo kanaa armaan gaditti lafa kaa’amanii jiru.

- Caasaan ijaarsa sabseenaawwan asoosamoota filatamanii maal fakkaatu?
- Qindoominni caacculee asoosamoota filatamanii ija yaaxina bifiiyyeetiin miidhagina barruu sanaaf gumaachaniiru?
- Asoosamootni filataman ija yaaxina bifiiyyeetiin maal fakkaatu?
- Walfakkeenyaafi garaagarummaan asoosamoota filataman lamaan jidduu jiru ija yaaxina bifiiyyeetiin maalfakkaatu?

1.3. Kaayyoo Qorannoo

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Asoosamoota matadure “Afaan Qawwee Jalattii fi Galfata” jedhan Yaaxina bifiiyyeerratti hundaa’uundhaan qaaccessuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Caasaan ijaarsa sabseenaawwan asoosamoota filatamanii maal akka fakkaatan ibsuu.
- Qindoominni Caacculee asoosamoota filatamanii ija yaaxina bifiiyyeetiin miidhagina barruutiif gumaacha godhan agarsiisuu.
- Asoosamoota filataman ija yaaxina bifiiyyeetiin qaaccessuun ibsuu.
- Walfakkeenyaafi garaagarummaa asoosamoota filataman lamaan jidduu jiru ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannoo (Bu'aa qorannoo)

Qorannoo adeemsifamu tokko bu'aa adda addaa qabaachuu danda'a. Qorannoon gaggeeffame kunis bu'aawwan armaan gadii qabaachuu danda'a jedhamee amanama.

- Asoosamoonni filataman ija yaaxina bifiyyeetiin qaacceedhamanii maal akka fakkaataan dubbistoonni hubannoo argatu.
- Barreessisoota hojii kalaqaa hojjetaniif hubannoo cimsa.
- Namoota yaaxina bifiyyeerratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'a.
- Barreessitootni ciminaa fi hanqina qaban akka hubatan gargaara.

1.5. Daangaa Qorannoo

Asoosamoonni Afaan Oromootiin baroota garaagaraa namoota adda addaatiin barreeffaman hedduudha. Asoosamoota jiran kana hunda irratti qorannoo adeemsiisuun nama tokkotti baay'ee ulfaata. Sababni isaas rakkoolee kanneen akka baajataa , yeroo fi meeshaalee barbaachisaa ta'an argachuun rakkisaadha. Kanaafuu , qorannoon kun asoosamoota Lalisaa Indirisii fi Lammii Beenya Mata-duree "Afaan Qawwee Jalatti fi Galfata" jedhan irratti xiyyeeffata. Asoosamoonni kunneen kan filatamanis haarawaa fi haalli isaan ittiin barreeffaman yaaxina bifiyyeetiin qaaccessuuf mijatoo waan ta'aniifi . Akkasumas asoosamoonni kunneen ulaagaa yaaxinni bifiyyee irratti bu'ureeffatu mara irratti asoosamoota lamaanuu qaaccessuun barbaachisaa waan ta'eef, caasaa ijaarsa sabseenaa isaanii, yoomeessa, wal diddaa, namfakkiiwwan, akkaataa seeneffamaa, dubbiiwwan qolaa, seenaa, dhaamsa fi fokkoommiin maal akka fakkaatan irratti hundaa'ee kan daanga'eedha.

Qindoomina Qabiyyee Qorannoo

Qorannoon kun boqonnaalee shan kan ofkeessaa qabu yoo ta'u, boqonnaan tokko seensa. Seensa jalatti kan hammataman seenduuba, ka'umsa, kaaayyoo, faayidaa /barbaachisummaa, daangaa fi qindoomina qabiyyee qorannichaati. Boqonnaan lama immoo sakattaa barruuti. Bakka kanatti barreeffamoota garaagaraa kanneen mataduree qorannichaa wajjin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danda'u dubbisuudhaan mataduricha wajjin

walsimisiisuun dhiyaate. Kana malees, qorannoowwan adda addaa kitaabilee asoosamaa afaan oromoo irratti yaaxina bifiyyeetiin qorattoota garaa garaatiin taasifame sakatta'uudhaan iddoo itti dhiyaateedha. Boqonnaan sadii mala qorannichaa yemmuu ta'u, mala iddattoo fi iddatteessuu, madda ragaalee, mala funaansa ragaafi tooftaa ragaan itti qaaceffame of keessatti qaba. Boqonnaa afur jalatti immoo qaaccessa ragaatu dhiyaate. Ragaan kan funaaname kitaabilee eeraman irra deddeebi'uun dubbisuun tokkoon tokkoo caacculee asosamichaa baasuudhaani. Sana booda, ijaarsa caacculee kanneenii, qindoomina gidduu isaanii jiru, malawwan barruu, ak-barruu asosamichaa fi asoosamoota lamaan walbira qabuun walfakkeenyaafi garaagarummaa isaan qabantu xiinxalamee qaaceffame.

Haaluma walfakkaa tuun, asoosamoonni kunneen miidhagina qabaachuu fi dhiisuu isaaniis caacculee isaanii gadifageenyaan qorachuun xiinxalame. Boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaa, gudduunfaa fi yaada furmataa/yaboo qorannichaatu dhiyaate.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Mata duree sakatta'a barruu jedhu jalatti barreeffamoota waa'ee yaaxinaalee qeeqa ogbarruu, yaaxina bifiyyeefi sakatta'uu barruu walfakkiitu dhiyaata.

2.1. Yaad-rimee Qeeqa Ogbarruu

Ogbarruu tokko qeequuf, hanqina qofa osoo hintaane ciminni inni qabus kan waliin ka'uudha. Wall (2006:1) akka ibsutti "Criticism is ambiguous it implies on the one hand a gusture of refusal, a denunciation, a hostic judgment and on the other hand it denotes (in its more fundamental sense) the positive knowledge of limits the study of conditions and possibilities of activity" . Akka yaada kanaatti qeeqa irratti yaadoliin garaagaraa lama akka jiraniidha. Inni jalqabaa, qeequun hanqina inni qabu baasuu yoo ta'u inni biraan hanqina qofa osoo hintaane cimina hojiin sun qabus kan hammatuudha. Ogbarruun tokko yammuu qeeqamu yaaxinaaleen fayyadan adda addaa ni jiru. Yaaxinaaleen kunneenis waantoota irratti xiyyeeffatan ni qabu. Maalummaa yaaxinaalee qeeqa ogbarruu ilaalchisee Klages ,(2006:18)

"There are the kinds of question that literary theory' helps us answer we will still probably always be concerned with closer reading and asking of a text what does this mean? But we will also concerned with how does this mean, what does it produce and what effect does that have on us and on our world? That what literary ultimately is about."

Yaada kanarraa akka hubatamuti maalummaa yaaxinaalee qeeqa ogbarruu argachuuf gaafilee ka'uu qaban kan jiran ta'uudha. Innis hojii ogbarruu tokko gadi fageenyaan yeroo dubbisnu, waantoota achi keessatti argaman maal jechuu akka ta'an gaafii kaasuun dirqama ta'a. Akkasumas faayidaan isaan qabanis kan ka'uudha. Gaafiiwwan kan ka'an taanaan hojicha madaalaa deemuun kan hin oolleedha. Yeroo hojiin ogbarruu tokko madaalamu waanti irratti xiyyeeffatame tokko ni jiraata. Kan irratti xiyyeeffachuun madaalamu yaaxina qeeqa ogbarruu jiranirratti waan ta'eef gaafiiwwan kun yeroo ka'an yaaxinaaleen qeeqa ogbarruu maal akka ta'e argachuun ni danda'ama yaada jedhuudha. Carter,(2006:14) hiika yaaxinaalee qeeqa ogbarruutiif kennamu ilaalchisee akka itti aanutti kaa'a.

The problem is that defining what counts as theory and what one means by theory is no easy task. Most critics and theorists have grappled bravely with the problem but have finally given up declaring that it does not matter analyze some theorists head one to the conclusion that literary theory; theory does not really exists as an independent discipline, there is many claim just theory; theory about everything. (Corter, 2006:14)

Waanti yaada kanarraa hubatamuu danda’u, yaaxina qeeqa ogbarruuf hiika gabaabaa tokko kennun rakkisaa ta’uudha. Namoonni hojilee ogbarruu garaagaraa qeeqaniif yaaxina hundeessuu keessatti qooda qabanis maalummaa isaa kaa’uun salphaa akka hin taane kan ibsan ta’uudha. Haata’u malee yaaxinni qeeqa ogbarruu akkuma yaaxinaalee dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffatanii kan mul’atan akka ta’eedha. “*M.Ellis (1974:54) “it has often been said that the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text to explicate it, and to point out to him what he might other have missed”.*

Wanti kanarraa hubatamu, qeeqni ogbarruu hojiin ogbarruu tokko ifa akka ta’uuf kan gargaaruudha. Akkasumas hojiin ogbarruu erga dubbifamee booda cimina inni qabu kaasuun dinqisiifachuuf, waa’ee hojichaa gadifageenyaan ibsuufi hojiin tokko cimina akkuma qabu hir’inas qabaachuu waan danda’uuf, waantoota akka hir’inaatti jiran kaasuun ibsuudha. Kun immoo kan agarsiisu hojiin ogbarruu tokko yaaxinaalee jiran irratti hundaa’uun yeroo qeeqamu ciminaafi hanqina qabu waliin kan ibsamu akka ta’eedha.

Hojii ogbarruu tokko qeequuf yaaxinaaleen tajaajilaaf oolan adda addaa ni jiru. Isaan keessaas muraasni, bifiyyee, feeminizimii, maarkisizimii, dhugooma, xinsammuufi caasessitoota maqaa dhahuun ni danda’ama. Tokko tokkoon yaaxinaalee jiraniis of danda’anii kan dhaabbataniifi ulaagaalee ogbarruun tokko ittiin qeeqamuu qabu kan mataa isaanii qabu. Akkasumas biyya, akkaataa, baraafi namoota hundeessan kan qabaniidha.

2.2. Yaaxina Bifiyyee

2.2.1. Seenduubee yaaxina bifiyyee

Yaaxinni tokko yeroo barreeffamu yoom?Eessatti?Eenyuun?akka barreeffame qabaachuu qaba. Yaaxinni bifiyyees bara itti hundeeffamee?, eessatti? fi eenyuun? akka hundeeffame hundeeffama yaaxina bifiyyee ilaalchisee Seldenifi Widdwson, (1993:20) akka kaa'anitti

Formalist studies were well established before the 1917 Revolution in the Moscows linguistic circle, founded 1915 and in opojaz letters stand for the society for the study of poetic languages starts in 1916. The leading figures of the former group were Roman Jakobsan and Petr Bogatrev. Victor Shklovsky, Ury Tynanov and Boris Eirchenboldm were prominent in opojaz.

Akka yaada kanarraa hubatamutti yaaxinni bifiyyee yeroo hundeeffamu garee lama kan qabuudha. Isaanis garee xinqooqaafi garee hawaasaa itti fayyadama Afaanii walaloo qo'achuuf dhaabbataniidha.

Garee xinqooqaa keessatti dursaa kan turanis Jakobson Bogatyrev fa'aa akka ta'aniidha. OPOJAZ keessatti ammo Shlovsky Tynyaanov Erkhenbaum fa'aa kanneen qooda olaanaa qaban akka turaniidha.

Yaaxinni bifiyyee Raashiyaa keessatti erga hundeeffamee achi keessatti qofa daanga'ee kan hafe miti. Biyyoota adda addaa keessatti hojiilee ogbarruu garaagaraa ittiin qeequuf fudhatama argachaa kan deemeedha.

Erlich (1980:63) "Formalist criticism became prominent in prague in the late 1920s. *When there was a repressive political clamate in Soviet Union.*" Yaada kaa'ame Bartens,(2001:32), *Formalist began to translated into English in the late 1950s and 1960s, that the English speaking word began to take notice of their wholly different approach of literary art.* Yaada kanarraa akka hubatamutti, yaaxinni bifiyyee erga hundeeffamee booda gara afaan Ingiliziitti hiikamuun dubbistoota afaan Ingiliziis hojiilee ogbarruu garaagaraa qeequuf kan fayyadaman ta'uu agarsiisa. Gama biraatiin yaaxinni bifiyyee bakka hundeeffame qofa keessatti akka hinhafne mul'isa.

2.2.2. Xiyyeeffannoo yaaxina bifiyyee

Yaaxinni bifiyyee kan irratti xiyyeeffatu hojii ogbarruu sana qofarratti. Hojichaan ala bahuun dhimmoota biroo kan keessummeessu miti. Yaaxinni bifiyyee kan bu'ureeffatu bifa hojii ogbarruu sanaati. Qabiyyee hojichaa caalaa caasaa ogbarruu sanaarratti kan fulleffatuufi akka hordoftoonni yaaxina bifiyyee kaa'aniti, namni hojii ogbarruu keessatti yaadaafi miira isaa kan ibsatu waan ta'eef, ogbarruu sanaan alatti ba'uun barbaachisaa miti yaada jedhu qabu.

As the name suggests, formalist was more interested in analysis of form the structure of a text and its use of language, than in the content. Formalists wanted to establish a scientific basis for the study of literature. The period of the early Russian formalists was an extreme one they believed that human emotions and ideal expressed in a work of literature Carter (2006:31-32)

Namni tokko yaaxina bifiyyee irratti hundaa'uun ogbarruu tokko qeequu yoo barbaade yeroo dubbisu maal gochuu akka qabu Dobje ,(2012:40) akka itti aanutti kaa'era. *“The critic who wants to write about literature from a formalist perspective must first be close reader who examines all the elements of a text individual and questions how they come together to create a work of art such a reader who respects the autonomy of a work achieves on understanding of it by looking inside it not outside it or beyond.”*

Ogbarruu tokko yaaxina bifiyyee bu'uura godhachuun qeequu yoo barbaadne jalqaba barruu sana gadi fageenyaan dubbisuun waan hojiin sun qabatee jiru adda baafachuun isa ijoodha. Adeemsa kana keessatti waantoonni ogbarruu sana keessatti hammataman kophaa kophaatti haala kamiin akka dhaabbataniifi gurmuudhaanis hojichaaf miidhagina itti kennan sirriitti hubachaa deemuun kan qabuudha. Kana galmaan ga'uuf ammo irra keessa ilaaluun osoo hin taane keessoo irratti hundaa'uu dha.

Culler (1997:22)“formalist theory seeks to define the distinctive knowledge that literature and the art”. Akka yaada kanarraa hubatamutti, yaaxinni bifiyyee haala hojiin ogbarruu tokko itti qindaa'eefi miidhagina hojiin sun hammatee argamu ibsuudha.

Bartens (2008:29) “for formalists the act of reading always involved both evaluation and explication”. Yaadni kun kan agarsiisu hojiin tokko yeroo dubbifamu waantonni achi keessatti argaman kan madaalamaniifi ibsi kan itti kennamu ta’uudha.

Yaaxinni bifiyyee , yaaxina qeeqa haaraa (new criticism) jedhamu wajjin walitti hidhata qaba. Yaaxinooleen kun lachuu kan xiyyeeffatan barruu dhiyaate irratti. Walitti dhufeenya yaaxina bifiyyee fi yaaxina akka qeeqa haaraatti hojiin ogbarruu tokko irra caalaatti kan hubatamuu qabu bifa isaati. Yeroo tokko tokko sababa kanaaf yaaxina bifiyyee ilaaluun barbaachisa yaada kanarraa akka hubatamutti yaaxinni bifiyyee adeemsa qeeqa ogbarruu keessatti bifa irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati. Kun ammo walitti dhufeenya yaaxinaalee lamaan gidduu jiru kan mul’isuudha.

Yaaxinni caasaa immoo biyya Ameerikaa keessatti bara 1960 keessa kan madde yoo ta’u, leellistoonni isaa Andrejollés, Lord RogRA, Viladimire Prop, Alan Dundes faaturan. Beektonni kunneenis qorannoo garaagaraa gama yaaxina kanaa kanneen gageessaa turaniifi barbaachisummaa yaaxina kanaa tumsaniidha. Qo’annoo afoolaa keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabu caasaa afoola sanaati. Afoola tokko duraa duuba ijaa eegani qindeessu haala yaadrimee /ergaaduubaa qabuufi caasaa himaan (pragmatic and Syntagmatic) ilaalamuu akka qabuudha. Kunis, haala safara ogwalaloon garaagaraa fi durduriin garaagaraa, haala himootaan qindaa’anii ijaaramaniin ergaan keessaa fi duulduraa qaban jechootarraa ka’ee xiinxalamuu qabuudha. (Darson, 1972).

Haaluma Kanaan Yaaxinni bifiyyee ogbarruu tokko bifaa fi miidhagina barruun sun qabu xiinxaluu irratti yoo xiyyeeffatu, yaaxinni qeeqa haaraa yaada Kanaan walfakkaatu kan qabuudha. Akkasumas yaaxinni caasaa immoo caasaa ogbarruu Sanaa ijaarsa jechaarraa kaasee hanga caasaa barruuti kan jirurratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaaf yaaxinni bifiyyee yaaxina qeeqa haaraafi yaaxina caasaa wajjin walitti hidhata kan qaban ta’uu hubanna.

2.2.3. Ulaagaalee Yaaxina Bifiyyee

Yaaxina bifiyyeerratti hundaa’uun ulaagaaleen ogbarruu tokko qeequuf oolan ni jiru. Ogbarruun tokko yemmuu qeeqamu qabxilee ijoo ta’an adda baasuun xiyyeeffannoo itti kennuun, waantootni ka’uu qaban akka ka’aniif gargaaru. Ulaagaaleen yaaxinni bifiyyee

irratti xiyyeeffachuu qabu namoota /hayyoota/ garaagaraatiin ibsameera. Kanneen keessaa kan qorannoon kun irratti xiyyeeffatu kanaa gaditti dhiyaataniiru.

2.2.3.1. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosamaa waantoota asoosama tokko asoosama taasisan yookiin waantoota asoosamni tokko irraa ijaaramuan. Yaada kana ragaa Qananii (2016:9) tooraa intarneetii wabee fachuun kaa'e akka mul'isutti "elements Fanovel explained how to write anovel" jechuun ibsa.

Seenaan asoosama tokkoo ruqilee adda addaa torba irraa ijaarama. Isaanis: sabeena, namfakkii, yoomeessa. Waldiddaa, akkaataalija seenessaafi ergaadha. Asoosama dheeraas ta'u gabaabaan ruqiilee kanneen irraa ijaaramu. Ruqiileen kanneen hubachuun asoosama barreessuufis ta'ee xiinxaluuf heddu barbaachisa. (Qananii, 2016:9).

Yaadni kunis waantoota asoosamni tokko irraa ijaaramu kan agarsiisuudha. Caacculeen asoosamaa isaan kam akka ta'aniifi akkaataatti asoosama tokko keessatti argaman yoo ibsu, waan tootni caacculee asoosamaa jedhamuun beekaman seenaa, sabseena, namfakkii, waldiddaa, yoomeessa, dhaamsaafi kallattii seeneffamaati (Zarihun 2003). Isaan kanneen qo'annoof akka mijatutti kophaa kophaatti waamaman malee asoosamicha keessatti tokko tokkorraa adda bahuun hin mul'tani. Fakkeenyaaf waa'een seenaa yoo ka'u, namfakkiiwwan waamamuun hinhafu. Sababiinsaa seenaan dubbtaamu sun seenaa namfakkiiwwanii waanta'eefi.

2.2.3.1.1. Seena

Seenaan gochootaafi ta'iinsoota asoosama tokko keessatti walduraaduubaan dhiyaataniifi kan asoosamni tokko irratti hundeeffamuudha, (Zarihun:2004:154-157) maa'ummaa seenaa yoo ibsu "ታሪክ በተወሰነ የጊዜ ቅደም ተከተል የተቀናጁ ሁነቶች ትረካ ነው። ደራሲው በታሪኩ ውስጥ የተለያዩ ሁነቶችን ያበጃል። በሁነቶቹም ሰንሰለታዊ ጎዞ ታሪኩ ከአንዱ ደረጃ ወደ ሌላው ሲተላለፍ ባለታሪኮቹ የተለያዩ ድርጊቶችን በመፈጸም ማንነታቸውንና የሚደርስባቸው ክፉም ሆነ ደግ ነገር ይታያል። አንባቢውም ቀጥሎ ምን ሆነ ባለታሪኩምን ያጋጥመው ይሁን እያለ በጉጉት ታሪኩን ይከታተላል" jedha.

Akka yaada kanaatti seenaan asoosama tokkoof isa jalqabaa fi isa bu'uuraati. Asoosamni tokko kan inni hundeeffamu seenaa irratti. Seenaan ta'insoota tartiibaan dhiyeessa. Ta'iinsoota walduraa duubaan dhufan tokko lamaan kaasee buusa. Walumaagalatti seenaan

caacculee asoosamaa keessaa isa tokko yoo ta’u, asoosamni dheeraan seenaawwan xixiqqoo seenaan guddaan asoosamichaa irraa ijaaramu of keessatti qabachuu danda’a. kana jechuun asoosama dheeraa keessatti barreessaan ergaa dabarsuu barbaade irratti hundaa’ee seenaawwan lama yookiin Sanaa ol hundeessuudhaan akka waldeggaranii yaada isa guddicha agarsiisan taasisa jechuudha.

2.2.3.1.2 Sabseena

Ulaagaa yaaxinni bifiyyee irratti xiyyeeffatu keessaa tokko sabseenaadha. Carter, (2006:34) “The function of a plot was to defamiliarize what we are observing to make us aware of artificially of the process of literary creation” Yaada kanarraa akka hubatamutti hojiin ogbarruu tokko fakkeeffamee yeroo dhiyaatu ta’iwwan achi keessatti hammataman toora isaanitiin akka hinmul’anne taasisuudha. Kanaaf dubbisaan asoosamichaan liqimfamuun osoo xiyyeeffannoo itti hin kenniin akka hin dabarre gochuudha.

Milhom ,(2006:2)”plot is the sequence of events in a story as the author choose to arrange them. It is a chain of events each events the result of some prior event and the cause of some subsequent events”. Akka yaada kanarraa hubatamutti sabseenaan ta’iwwan hojii ogbarruu tokko keessatti argaman mara sababaafi bu’aa kan walta’an akka ta’eedha. Kun immoo dubbistoonni hanga dhumaatti akka deemaniif ga’ee guddaa kan qabuudha. Akkasumas Novakovich (2008:63) sabseenaa yoo ibsu “Plot answers as many as three who, how and why? “ Akka yaada kanaatti sabseenaan, maaltu akka ta’e, haala kamiin akka ta’eefi maaliif akka raawwatame kan mul’isu.

2.2.3.1.2.1. Caasaa Ijaarsa Sabseenaa

“Akkuma waantoonni garaagaraa qabiyyee addaa addaarraa ijaaramani sabseenaanis miseensota caasaa isaa ijaaran qaba. Caasaaleen kunis seeneffama tokko kan gara fuunduraatti akka deemu taasisaniidha.” (Alamituufaa, 2011:26). Haaluma kanaan sabseenaan caasaalee ijaarsa adda addaa qaba. Isaanis akka armaangadiitti ibsmaniiru.

A.Baniinsa

Baniinsi bakka sabseenaan asoosama tokkoo itti eegaluu. Crimson,(2012:60),”exposition introduction and establishment of a character, setting and situation. Exposition includes the narrative that gets the story moving forward authors use exposition to set up the main character and his problem or goal.” Akka yaada kanaatti baniinsi bakka seenaan yookaan qooddattoonni itti uumaman, bakkaafi bara keessa jiraatan, haalli jireenya isaanii bakka itti ibsamuudha.

B.Oldeemsa

Oldeemsi erga baniinsa keessatti waanti hunda uumamee ta’iiwwan achi keessatti argaman waliif faallaa ta’uu bakka itti eegalaniidha. Kunis kan ta’u qooddataa dureefi masaanuu gidduutti Wilcoxfi Rankin,(1993:97) yeroo oldeemsa ibsan *“Rising action sometimes called struggle, tension, or suspense provides a close focus on conflict or inter locking in plot detail. Therefore rising action helps as see the obvious that all further action, character development and resolution are inter related.”*

Yaada kanarraa waanti hubatamu oldeemsa keessatti kaayyoon ijoon qooddattoota achi keessatti argaman walitti buusuun yookiin waliigalteen isaan gidduutti akka hin uumamne taasisuudha.Kun waanti hundi walxaxaa akka ta’u godha.

C.Finiina

Bantii miirri waldiddaa oladeemsa keessatti eegalame dhuma irra ga’uudha. Kana ilaalchisuun, Turco ,(1992:42)” the Climax, when the protagonist and antagonist are pitted against one another in a final effort. At this point the protagonist either overcomes the antagonist achieves the goal or the conflict is lost. Akka yaada kanaatti, Bantii miirri bakka qooddataa dureenfi masaanuun lamaanuu injifatanii kaayyoo isaanii galmaan ga’uuf itti carraaqanuudha. Hanga humna isaanii erga carraaqanii booda tokko tokko injifachuun kan milkaa’u ta’a.

D.Sigiga

Sigigni asoosama tokko keessatti bakka waanti fiixeerra ga'e itti gadi bu'uu eegaluudha. Waanta fiixee irra ga'e irratti goobaan galeessi milkaa'uu ykn milkaa'uu dhabuu danda'a. Ta'iin kanarratti raawwatamu furmaanni akka argamuuf karaa saaqa. Sigiga ilaalchisee Pughfi Margart, (2014:131) irratti Feytag wabeeffachuun yeroo ibsan, Feytag identifies five stages in the development of plots: (1) introduction or exposition (2) rising action or denouement) asirratti waanti arginu caasaan ijaarsa sabseenaa shan akka jiraniifi achi keessaa tokko kan ta'e sigiga yookiin gadi bu'iinsi tokko akka ta'e kan mul'atuudha.

E.Furmaata

Furmaatni erga ta'iiwwan raawwatamanii tokko tokko injifatee milkoomuun xumuramuudha. (Klarer (1999:15) "Climax is followed by resolutions of the complication with which the text usually ends. Waanti yaada kanarraa hubatamu, furmaatni waantoota rakkisoo heddu keessa erga darbamee dhuma barruu sanaa akka ta'ee dha.

2.2.3.1. 3. Namfakkiiwwan

Namfakkiiwwan /fakkaattotni/ namoota asoosama tokko keessatti bakkaafi yeroon isaanii uumamuun jiraataniidha. Namootni uumaman kunneen dhugaa addunyaa kanarra jiraatan fakkeeffamanii uumaman malee, dhugaan bakkaafi yeroo jedhametti kan argaman miti. Kirszer and Mandell (1994:89) "a character is a functional representation of person usually psychologically realistic depiction of person". Akka yaada kanaatti fakkaattonni namoota jiranitti fakkeeffamuun kan uumaman malee dhugaan kan hin jirre akka ta'an ibsu.

Asoosamni tokko yeroo kalaqamu fakkaattota hammateeti. Asoosama gabaabaas ta'ee dheeraan hanga fakkaattota qabani kan wal caalu ta'ullee, lamaan isaaniyyuu fakkaattotaan ala asoosama ta'uu hin danda'an. Wilcom and Raknin (1993:89) irratti waa'ee fakkaattotaa yoo ibsani "The character in any short story or novel initiate the action and develop the plot; a soon as this happens, we as readers, naturally begin to question the motive and personalities of the characters," Asirraa waanti hubatamu, akaakuun asoosamaa kamiyyuu fakkaattota akka qabuudha.

Fakkaattonni asoosamichaa akka dagaagaa deemu kan taasisuudha. Fakkaattonni asoosama tokko keessa jiran fedhii isaanii galmaan ga'uuf yeroo tattaafatan kan mul'atuudha. Dubbisaan asoosama tokkoos gochaa faakkattonni raawwatan irratti hundaa'uun maalummaa isaanii adda baafata.

Fakkaattonni asoosama tokko keessatti argaman akkuma namoota addunyaa kanaa bifaan, amalaan, akkasumas gochaan kan walfakkaatan miti.

Fakkaattota ilaalchisee: Daisy, (2006:22) "There are several basis of character. In terms of prominence stories, will often have one or two main characters or protagonists, to whom the most important thing will happen or who will make the most important decision of the story".

2.2.3.1.3.1. Namfakkeessuu

Namfakkeessuun akkaataa barreessaan namfakiiwwan itti kalaquufi dhiyeessuu akka ta'e ragaan Qananiin, (2016) interneetii wabeeffachuun ibse irraa argame "Characterization process by which fictional Characters are presented developed" jechuun ibsa. Fedhasaa, (2013:74) "Namfakkeessuun namfakkilee uumuudha. Haala ittiin barreessaan namoota, bineensotaafi waantoota seenicha keessatti ga'ee taphatan amala namaa gonfachiisee mul'isu" jechuun yaada walfakkaatu kenna.

2.2.3.1.3.2. Mala Kalaqqii Namfakkii

Asoosessaan tokko namfakkii yemmuu uumu ilaalcha dhala namaatiif qabuufi beekumsa dimshaashaa qabu irraa ka'ee, bifaafi amala mataasaatiifi kan namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiraatanii ofiisaatii beeku bu'uura taasifata. (Zarihun, 2003). Haata'umalee namfakkiin uumamu sun garagalcha nama Sanaa osoo hintaane namoota adda addaa barreessichi jireenya isaa keessatti isa qunnamnan irraa amala adda addaa isaan qaban walitti fidee namfakkii tokko akka bocus dabalee addeessuudhaan, ulaagaalee kalaqqii namfakiiwwanii akkaataa itti aanutti kan'a.

I. Amala isaaniif kenname qabatanii turuu

Namfakkiiwwan amala kennameef qabatanii turuu jechuun amala waggootii baay'eef nama tokkorratti mul'atu jechuudha. Amalli kunis uumama namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman irratti mul'achuu qaba. Kana jechuunis namfakkiiwwan jalqabaa seenaa isaaniitii eegalanii hanga dhumaatti amala walitti fufiinsa qabu akka qabaatan ni barbaadama. Kunis: amala, gocha, yaadaa fi fedhiisaaniitiin dimshaashumatti, amala isaanii isa keessaa fi alaa irratti mul'achuu qaba. Jijjiiramni amalaa tasa dhufu jiraachuu hinqabu jechuudha (Zarihun, 2003).

II. Mudaa/Hanqina Qabaachuu

Dhalli namaa eenyummaafi amala walxaxaa qaba, karaa tokkoon gaarii yoo ta'e gama biraanimmoo hamaa ta'uu danda'a. dhimma tokkorratti beekumsa yoo qabaate, gara biraan immoo hubannoo wayituu dhabuu danda'a. Kana waan ta'eef, kalaqqii namfakkiiwwanii keessatti haalli kun calaqqisuu qaba. Akka (Zarihun, 2003) ibsutti, mudaa qabaachuu jechuun, namfakkiin tokko amalaa fi sanaaka isaatiin gonkumaa kan mudaa hinqabne ta'ee kalaqamuu hin qabu jechuudha. Fakkeenyaaf namni baay'ee gaariidha jedhamu tokko amala hammeenyummaa xiqqoo ni qabaata. Walitti dhufeenya namoota gidduutti mul'atuunis, namni tokko isa tokkoof garalaafessa isa tokkotti gara jabeessafi kkf ta'uu danda'a.

Namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman qaamaanis ta'ee amalaa, dimshaashumatti, jireenya isaanii keessatti kan mudaa hinqabne ta'anii yoo kalaqaman dubbistoota biratti amanamummaa waan dhabaniif, amala namoonni baay'een qaban, jechuunis amala namummaa gonfataniin uumamuu qabu jechuudha.

III. Walitti dhufeenya /Hariiroo Namfakkiiwwanii

Addunyaa asoosamaa keessatti namoonni argaman kunniin yoomeessa keessa jiraatan, seenaa asoosamichaa keessatti jireenya jiraataniifi gocha dalagan irratti hundaa'ee walitti dhufeenya dhimma dhuunfaa irratti yookiin jireenya hawaasummaa jiraatan keessatti mul'atu qabaachu qabu.

Kanaafuu, namfakkiin tokko namfakkii kan biro wajjin sababa adda addaatiin walitti dhufeenya ni qabaata. Walitti dhufeenyi isaani kunis gaarii yookiin gadhee ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman firaafi orma, barsiisaafi barataa, obboleessaafi obboleettii, abbaafi lma, abbaa warraa fi haadha warraa k.k.f. ta'anii argamuudhaan wlaatti hidhamiinsa qabaachuu danda'u. seenaan asoosamihaas, babal'ataa itti fufaa kan deemu sababiiwwan walitti dhufeenya armaan olirratti tuqamaniifi kanneen kana fakkaatan irratti hundaa'ee haalawwan uumamaniifi gochaawwan dalagaman bu'ureeffatee akka ta'e (Zarihun, 2003) ni ibsa.

2.2.3.1.3.3. Mala Namfakkiiwwan itti Dhiyaatan

Eenyummaa namfakkiiwwaniifi haala isaan keessa jiran dubbistoonni akka hubataniif, barreessitoonni tooftaalee gurguddoo lamatti akka fayyadaman beektoonni niibsu. Malleen kunneenis kallattiifi alkallattiin dhiyeessuu kan jedhaman yoo ta'u, kallattiin dhiyeessuu jechuun eenyummaa namfakkii tokkoo kallattiin yookiin immoo, namfakkiin biroon waa'ee isaa akka dubbatan gochuun ta'uu danda'a. yaada kana raga (Qananii 2016) interneetii wabeeffachuun akka armaan gaditti ibsame. "1. Direct presentation: described and /or explained by the narrator 2. Dramatic (indirect presentation: action "show" the kind of person the character is a. his/her own action, behavior, speech, and recorded thoughts and or b. qualities are apparent by what other characters say about him/her."

2.2.3.1.4. Yoomeessa

Yoomeessi asoosama tokkoo kan ilaalamu bakkaafi yeroo fakkaattonni asoosama tokkoo kalaqamanii keessa jiraatanidha. Bakka kanas kan fakkaattotaaf qopheessu asoosessaadha. Benice,(1987:71) yemmuu ibsu "setting is where a story is takes place. A setting may represent the real world verisimilitude it may or oratory a totally fanciful world of the author's invention, or it may create a sense that the story could have occurred at any place and time". Yaada kanarraa waanti hubatamu yoomeessi bakka fakkaattonni ta'iiwwan adda adda itti raawwataniidha. Bakka kana kan qopheessee keessa jiraachisu barreessaa asoosamaati.

Novacovich, (1994:26) "Setting is a certain place at a certain time, a stage" Akka yaada kanaatti yoomeessi bakkaafi yeroo gochi tokko itti raawwate akka ta'eedha

2.2.3.1.5. Kallattii Seeneffamaa

Kallattiin seeneffamaa haala seenaan asoosama tokkoo ittiin dhiyaatuudha. Milhom(2006:11) “The point of view of a novel is the perspective from which the reader is allowed to view the action and the characters. As a writer there are a number of points of view to choose from and each has its advantages and disadvantages”. Akka yaada kanarraa hubatamutti kallattiin seeneffamaa haala dubbistoonni qooddattootaafi waantoota isaan raawwatan akka hubataniif gargaaruudha. Akkasumas kallattiin seeneffama adda addaa kan jiraniifi barreessaan isa filatetti gargaaramuu kan danda’u ta’uu dha.

2.2.3.5.1. Gosoota Kallattii Seeneffamaa

Asoosamni tokko kallatti seeneffama garaagaraatiin dhiyaachuu danda’a. kallattiin ittiin dhiyaatus faayidaafi midhaa mataa isaa qabaachuu danda’a.

a) Kallattii seeneffama ramaddii tokkoffaa

Kallattii kanatti fayyadamuun seenaan yeroo dhiyaatu ‘ana’ yookiin ‘nuy’ kan jedhutti dhimma bahama. Klarer,(1999:22) yeroo kaa’u. *“The first person narrative renders the action as seen through participating figure who refers to her or himself in the first person. First person narrations can adopt the point of view either of the protagonist or of a minor figure. The majority of novels in first person narration use of course, the protagonist/main characters/ as narrator.”* Akka yaada kanaatti seenaa asoosama tokkoo arguu kan dandeenyu, karaa isaa yookiin isheen ‘ana’ jechuun seenessuuni. Yeroo seeneffama ramaddii tokkoffaatti dhimma bahamu qooddataa duree yookiin qooddataa xiqqaatti gargaaramuun akka danda’amuu dha.

b) Kallattii seeneffamaa ramaddii lammaffaa

Kallattiin seeneffamaa ramaddii lammaffaan bamaqaa ramaddii lammaffaa agarsiisu ‘si’ jedhuun seeneffamuu danda’a. Kallattii seeneffamaa kanatti fayyadamuun baay’ee filatamaa akka hin taane ibsama. (Milhom, (2006:15), “Second person point of view is rarely used because it is extremely difficult to pull of (you pulled the trigger). The reader may feel that he is one spoken to and will find it difficult to accept that his doing the things the narrator tells him he is doing.” Waanti yaada kanarraa hubatamu, kallattii seeneffamaa ramaddii

lammaffaatti gargaaramuun seenaa asoosama tokkoo dhiyeessuun rakkisaa akka ta'eedha. Akkasumas, dubbistoota illee haalli itti dhiyaachaa jiru hubachuuf akka rakkisaa ta'e kan agarsiisuudha.

c) Kallattii seeneffamaa ramaddii sadaffaa

Kallattiin seeneffamaa ramaddii sadaffaa bamaqaa ramaddii sadaffaa gargaaramuun dhiyaachuu danda'a. Kallattiin seeneffamaa kunis gosa lama qaba.

Hunda Beekaa

Kallattii seeneffamaa ramaddii sadaffaa hunda beekaan waantoota asoosamicha keessatti argamu hunda beeka. Kercheval, (1997(42-43). "This is the all-knowing author with the ability to go into any and all character's minds. Complete freedom in time and space and separate authorial voice that can tell readers, truths, both large and small." Yaada kanarraa akka hubatamutti kallattii seeneffamaa hunda beekaan waantoota mara kan beekuufi dubbistootatti kan himuudha.

Kallattii seeneffamaa ramaddii sadaffaa murtaawaa

Kallattii seeneffamaa ramaddii sadaffaa murtaawaan kallattiin seeneffamaa bamaqaa ramaddii sadaffaa agarsisu 'isa' yookiin 'ishee' jechuun seeneffama. Beekumsi seenessaa waa'ee qooddataa tokkoo qofa Griffith (2011:45) yeroo ibsu "*As with the omniscient narrators of the third person limited point of view refers to the characters as 'he' and 'she' and still have more knowledge of the fictional world than we do our worlds, but they restrict/limit their perspectives to the mind of one character.*" Akka yaada kanaatti kallattiin seeneffamaa ramaddii sadaffaa murtaawaan kan seeneffamu bamaqaa ramaddii sadaffaa 'isa' yookiin 'ishee' jedhuun akka ta'eedha. Garuu ilaalcha qooddattootaarratti kan murtaa'e akka ta'eedha.

2.2.3.1.6. Waldiddaa

Waldiddaan waldhabbi yokiin walitti bu'iinsa jechuudha. Addunyaa kanarra waantoonni jireenyaaf barbaachisan marti eenyuufillee guutamani dhiyaatnii hunbeekan jechuun nidanda'ama. Wantoota jireenyaaf nama barbaachisan argachuuf jecha bu'aa ba'ii adda addaa keessa darbuu qabna. Addunyaan asoosamaa gaaddidduu addunyaa dhugaa kanaa waan ta'eef, namfakkiileen addunyaa soosamaa keessa jirani waantoota jireenyaaf isaan barbaachisan argachuufwalitti bu'uun isaanii waan oolumiti. Waldiddaan, walitti bu'iinsa namfakkiilee asoosama ykn seeneffama tokko keessatti qooda fudhataniifi. Walitti bu'iinsi kun sababa garaagaraatiin ta'uu danda'a. fakkeenyaaf garaagarummaa fedhii, ilaalchaa fi kkf irraa madduu danda'a. karaa biraa immoo waldiddaan, walfalmii namfakkii muumme fi humnoota biroo gidduutti mul'atuudha. (Alamituufaa, 2011:44).

2.2.3.1.6.1. Akaakuuwwan Waldiddaa

Waldiddaan, waldhabbi namfakkiwwan asoosama tokko keessa jiran gidduutti uumamu yoo ta'u, waldiddaan kun, namaafi nama gidduutti, namuma tokko yaada isaatiin, hawaasni tokko hawaasa biraa wajjin kan waldhabu yookiin walitti bu'uudha. Kana malees namni tokko uumama wajjin walitti kan bu'u akaakuu waldiddaa isaan gurguddoodha. (Alamituufaa 2011:45).

2.2.3.1.7. Ak-barruu

Ak-barruun haala barreessaan jechoota walduraa duubaan itti tarreessu, fayyadamu, jechi tokko kan biraan walqabaa yaada ibsu, yookiin haala jechoonni gaalee, gaaleen ciroo, ciroon hima, himoonni immoo keeyyata ijaaruun yaada barreessaa sana ibsuuf gargaarani. Barreessaan tokko akbarruu mataa isaatii qaba. Kana jechuun barreessaan inni tokko kan biroo irraa adda ta'a jechuu dha. Yaada kana (Zarihun 2003) ak-barruun barreessaa mataa isaati yaada jedhuun kaa'a. kunis barressitootni akkaataa barruu asoosamaa yookiin gosa ogbarruu biroo ittiin dhiyeessaniin gargar ta'uu isaatiifi ak-barruu addatti ittiin beekaman qabaachuu isaanii agarsiisa. Ibsa armaan olii bu'uura godhchuun caacculee asoosamaa bakka gurguddoo lamatti qooduun ilaaluun gaariita'a.

2.2.3.1.7.1. Itti Fayyadama Afaanii

Hordofootni yaaxina bifiiyee gaafii akkaataa kamiin itti fayyadama afaanii asoosamaafi afaan guyyaa guyyaatti gargaaramnu ittiin adda bahu kan deebisaniidha.

2.2.3.7.2. Dubbilee Qolaa

Asoosamni tokko dubbilee qolaatti dhimma bahuun dhiyaachuu danda'a. Dubbistoonni waantoota asoosamicha keessatti argaman xiyyeeffannoo itti kennuun akka gargaaramaniif oola. Dubbiin qolaa gosoota garaagaraa qabu.

a) Akkasaa

Akkasaan gosoota dubbii qolaa keessaa tokko ta'ee jechoota "akka fi fakkaata" jedhan fayyadamuun waantoota wal hinfakkaanne wal bira qabuun dhiyeessuudha.

Myers,(2008) smile always contains either the word "like" or the word "as", because the writers is saying something is like or the same as something else. Yaada kanarraa waanti hubatamu akkasaan yeroo hundumaa jechoota "fakkaata" yookaan "akka" jedhutti gargaarama. Sababni isaas barreessaan waanti tokko akka waan biraa akka ta'etti fayyadamuudha.

b) Iddeessa

Gosti dubbii kun wantoota lama wal bira qabnee ibsuu yookiin amala waan tokkoo kan biraaf kennuun bakka buusuun dhimma itti bahuudha.

Ricovr,(1975:28) "Methaphor is possible only because of methapor presents the polarity of the term compared in a bridge form" Akka yaada kanaatti bakka buusaan waantoota wal hin fakkaanne lama wal-bira qabuun isa tokko ibsuuf tokko bakka buusuu akka ta'eedha.

c) Habalaka

Habalaka ilaalchisee Raymond ,(1992) Irony may be our most powerful weapon in every day speech a device for concealing orb true intension for avoiding responsibilities for what we say or for turning the world on one self-inside. Akka yaada kanaatti habalakni

dubbiiwwan guyyaa guyyaatti dubbannu keessatti meeshaa waraanaa humna cimaa qabuufi mala yaada dhugaa keenya ittiin dhokfachuuf nu gargaaruudha. Kun ammo waan dubbannu itti gaafatamummaa fudhachuu dhiisuuf yookiin mala addunyaa kana kan ittiin miliquudha.

Gosoota Habalaka

i. habalaka dubbii

habalakni dubbii kan ta’u yemmuu waanti dubbatamu tokko waan tokko ta’ee, waanti hubatamu yookiin dhugaan duuba isaa jiru waan biraa ta’uuti. Fakkeenya: “Monaalizaa biyya keenyaati yoon jedhe namni naan mormu waanjiru natti hin fakkaatu” Alamituufaa (2011). Akka yaada kanaatti biyya keenyatti monaalizaa jenn.

ii. habalaka Haalaa

habalakni haalaa kan dhufu waanti ni ta’a jedhamee eegamu waan tokko ta’ee, inni ta’ee mul’atu kan biraa ta’ee argamuudha.

iii. habalaka Do’ii

habalakni do’ii yeroo baay’ee kan inni ta’u waltajjiirratti yoo ta’u, achirratti taatoon yookiin qooddataan waan dubbatu tokko dhugaa akka ta’etti kan fudhatuu yoo ta’u, dhimmichi dhugaa akka hintaane dhaggeeffattoonni nibeeku. Kunis, waan qooddataan dubbatu sana oisa caalaa kanbeeku dhaggeeffattoota yemmuu ta’uudha.

Akka yaadaarmaan oliitti habalakni gosa sadii qabaachuufi isaanis habalaka dubbii, habalaka haalaafi habalaka do’ii ta’uu hubanna.

d) Nameessa

Nameessuun waan nama hin taaneef amala namaa gonfachiisuun dhiyeessuudha. Myres,(2008:37) personification is a way of speaking or writing in which an in animate object or abstraction given human qualities. Waanti yaada kanarraa habatamu, nameessi waantoota biroof amala namaa kennuun haasaa keessatti yookiin barreeffama keessatti dhiyeessuudha.

e) Ukukkubee

Gosa dubbii qolaa kana Dean, (2006:50) yoo ibsu, “hyperbole is an exaggeration that is bases in truth”.Ukukkubeen dhugaa jiru osoo hin taane ol kaasuun dhiyeessuudha.

f) Eeyyee mitii

eeyyeemitiin dubbii haalawaa keessatti dhimma gama tokkoon dhugaa ofkeessaa qabuufi gamabiraan immoo dhimmichumti yaada dhugaa ta’e ofirraa kan hinqabne yoota’eedha.(Alamituufaa 2011:131)

2.2.3.1.8. Dhaamsa

Ergaaleen xixiqqoon ergaa isa ijoo ta’e kan ijaaran, ifee akka mul’atu kanneen taasisaniidha. Isaan gidduu walitti hidhaminsa cimaatu jira. Walkeessa waan jiraniifis tokko yoo waamamu inni b iron wajjin baha.

Yaada kanarraa akka hubatamutti asoosamni dheeraan tokko ergaalee xixiqqoo walitti qindaa’anii ergaa /dhaamsa guddaa tokko dabrsan kan of keessaa qabuudha. Kanaaf, barruun asoosamaa tokko yaada wiirtu ta’e tokko kan ofkeessaa qabuufi kanaafis kan barreeffamuudha.

Walumaagalatti ibsi armaan olitti maalummaafi mala kalaqqii caacculee asoosamaa irratti beektonni kennan, namni asoosama barreessu tokko akkaataa kalaqqiifi dhiyeessa caacculee asoosama isaatiif filannoofi tooftaa mataa isaa yoo qabaateyyuu, ulaagaalee bu’uura ta’an irratti hundaa’uun garuu, miidhaginaafi bu’aa qabeessummaa hojii isaatiif barbaachisaa akka ta’e hubachiisu. Kanarraa ka’uudhaan, qeeqni asoosama yaaxina bifyeetiin taasifamus ulaagalee kanneen irratti akka hundaa’u hubachuun nidanda’ama.

2.3. Sakattaa Barruu Walfakkii

Kutaa kana jalatti qorannoowwan mata duree kana waliin walitti dhiyeenya qabantu dhiyaata. Asoosamootni qorannoon kun irratti gaggeeffame asoosamoota bara 2016 Afaan Oromootiin maxxanfaman keessaa “Afaan Qawwee Jalattii fi asoosama Galfata” jedhu irratti. Mata dureewwan kanarratti hangaan argetti sadarkaa digrii jalqabaarrattis ta’e digrii

lammaffaatti qorannoon gaggeeffame hin jiru. Haata’u malee, asoosamoota biroorratti ija yaaxina bifiyeen gaggeeffamera.

Fiqaaduu Qana’aa bara (2012) qaaccessa walddhabbi fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa haala Godaannisaa fi ‘Dungoo Halkan sanaa’ mata duree jedhurratti digrii lammafaa Afaan Oromoo Hogbarruun guuttachuuf qorannoo adeemsifameedha. Kaayyoon qorannichaas ‘Asoosamoota godaannisaafi Dungoo Halkan sanaa’ keessatti walddhabbiifi fakkoommii asoossessaan gargaaramee aadaa siyaasafi falaasama Oromoo ibsuuf yaale qaaccessuudha.

Qorannoo kanas boqonnaalee jahatti goodeera.Boqonnaa duraa seensa jalatti seenduuba, sababa, faayidaa, daangaa kaayyoofi mala qorannichaatu hammatame.Boqonnaa lammaffaa sakattaa barruuti.Boqonnaa sadaffaan qaaccessa walddiddaafi fakkoommii asoosamoota Godaannisaafi Dungoo Halkan sanaa’ qabatee dhiyaate. Boqonnaa araffaan cuunfaa barreeffamoota qorannoo kan hammateedha. Boqonnaa shanaffaan argannoo yoota’u boqonnaa jahaffaan immoo yaada furmaataa kaa’uun xumurame.

Abdii Waaggaarii, 2015) Qaaccessa Asoosamoota Tuulaa Cubbuu fi Ichima jaalalaa ija yaaxina bifiyyeettiin jedhu jalatti dhiyeesse immoo boqonnaalee afuritti qooduun kan dhiyeesseedha. Inni boqonnaa tokkoffaa jalatti seensa jalatti seenduuba, ka’umsa, kaayyoo gooroofi gooree, faayidaa, daangaafi mala qorannoo kan hammatamaniidha. Boqonnaa lammaffaan sakattaa barruu yaaxinaaleefi barruu walfakkiitu hammatame.Boqonnaa sadaffaa keessatti qaaccessa asoosamoota Tuulaa cubbuufi Ichima jaalalaa ija yaaxina bifiyyeettiin jedhutu dhiyaate. Boqonnaa araffaan Goolaba, cunfaafi yaboo hammachuun xumurame .

Qorannoo Taaddasaa Gaaddisaa, 2016/17 Asoosamoota bara 2016 Afaan Oromootiin maxxanfaman ija yaaxina bifiyyeetin jedhu wajjin tokkummaafi garaagarummaa qabu. Tokkummaan isaan qaban adeemsa qorannoon tokko keessa darbuu qabu hordofuun kan dhiyaatan ta’uu, seensa jalatti seenduuba, ka’umsa kaayyoo, barbaachisummaa qabaachuu yoo ta’u garaagarummaan isaaniimmoo mata duree adda addaa kan qaban ta’uu dha.

Qorannoo Fiqaaduu Qana'aa, (2012) qaaccessa waldhabbiif fukkoommii Asoosamoota Dhaabaa wayyeessaarratti xiyyeeffata, Akkasumas Abdii, (2015) immoo Qaaccessa asoosamoota Tuulaa cubbuufi Ichima Jaalalaa irrattiidha. Kan koo garuu Qaaccessa asoosamoota bara 2016 Afaan Oromootiin maxxanfaman keessaa asoosamoota Afaan Qawwee Jalatti jedhuu fi Asoosama Galfata jedhu irratti waan xiyyeeffatuuf adda ta'a.

Akkasumas hojiin Qananiif baayisaa Asoosamoota Burreen Bifa Tokkoomiti jedhuufi asoosama Diba ija yaaxxana bifiyyeetiin qaaccessuu jedhu qorannoo koo wajjin walfakeenyaafi garaagarummaa qaba. Walfakkeenyi qorannoowwan kana lamaan gidduu jiru ija yaaxina bifiyyeetiin qaaccessuu fi adeemsa qorannoon tokko hordofuu qabu hammachuu yoo ta'u, garaa garummaan mata duree fi bara qorannoon kanneen itti gaggeeffamaniidha.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Qorannoo kun kitaabilee asoosamaa “Afaan Qawwee jalatti” jedhuufi “Galfata” kan jedhu yaaxina bifiiyyee irratti xiyyeeffachuun sakatta’uu fi xiinxaaludhaan kan ibsame waan ta’eef, mala qoranno akkamta jalatti kan ramadamu ta’a.

3.1. Iddattoofi Iddateessuu

Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaabilee asoosama dheeraa “Afaan Qawwee jalatti” jedhuufi “Galfata” kan jedhu yoo ta’an kitaabileen kun kan filatamanis tooftaa iddateessuu kaayyeffataatiini. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu kitaabilee kanneen keessaa argachuun ni danda’ama amantaa jedhuun irratti xiyyeeffatameera.

3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda ragaa kan ta’an kitaabilee asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhuufi “Galfata” jedhuudha. Kitaabni asoosama “Afaan Qawwee jalatti” jedhu kan barreeffame Lammii Beenyaatiin yoo ta’u, fuula 205 fi boqonnaawwan 21 of keessatti qaba. Barressaan kitaaba asoosama “Galfata” jedhuu immoo Lalisaa Indiris yoo ta’u, kitaabichi fuula105 fi kutaalee torba of keessaa qaba. Kitaabileen kunneen bara 2008/2016 maxxanfaman. Lamaanuu maxxansa duraati

3.3. Mala Funaansa Ragaa

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee asoosamaa waan ta’eef tooftaan funaansa ragaa qorannihchaa kitaabilee eeraman sakatta’uudhaan ta’a. Kunis kitaabilee kanneen irradeddeebi’uun dubbisuudhaan odeeffannoo mata-duree qorannichaa wajjin deemuu danda’an akka fakkeenyaatti kessaa fudhachuudhaan ta’a.

3.4. Mala Qaaccessa Ragaa

Ragaan funaaname qabxilee kaayyoo gooree qorannichaa jalatti caqafaman irratti fuulleeffachuudhaan akkasumas, yaaxina qorannoon kun bu’uura godhate wajjin wal simsiisuun qaaceffamee ibsame.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA

Boqonnaa kana jalatti rgaaleen mala boqonnaa sadaffaa keessatti ibsame irratti hudnaa'uun funaanaman qaacceeffamuudhaan ibsi kan irratti kenname yoo ta'u jalqabarratti qaaccessa asoosama Afaan Qawwee Jalatti kan Jedhu, itti aanee immoo kan asoosama Galfata jedhuutu walduraa duubaan dhiyaataniiru.

4.1.1. Qaaccessa Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu

Asoosama Afaan Qawwee Jalatti jedhu qaaccussuun duratti hiika matadurichaa haailaallu: Afaan Qawwee Jalatti jechuun, sirna bulchiinsaa garboomfataa jechuu yoo ta'u, Qawween meeshaa waraanaati. Kan ittiin nama ajjeessan, sodachisan, ittiin garboomfatani. Afaan Qawwee jalatti jechuun immoo sirna bulchiinsaa qawweedhaan sodaachisanii uummata of jalatti bulchaniidha. Kunis kan namni ittiin bulu seeraa fi heera osoo hin taane humnaan yookiin sodachisuudhaan ta'uu ibsa. Fakkoommiin mata durichaas sirna kana kan bakka bu'u ta'uu hubanna.

4.1.1.1. Cuunfaa Seenaa Asoosamichaa

Gobaangaleessi asoosama “Afaan Qawwee Jalatti”jedhu Baroodaa Baarooti.Baroodaan naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Bahaa (Leeqaa Naqamtee) jedhamutti dhalatee guddate. Umuriin isaa daa'imummaa kaasee nama miidhaan dhala namaa itti dhaga'amu fi gadaantummaa tole jedhee hin fudhanne. Baroodaa Baaroo yeroo ijoollummaasaa tapha fardaatiin injifannoo gaafachuun beekamti argate.

Guyyaa tokko waldorgommii gombisa fardaa gaggeeffamurratti hirmaatee nama beekamaa Qana'aa Abbaa Humnaa injifachuun beekamtiifi kabaja guddaa argate.Waggoota torbaaf injifannoo dhuunfatee dorgomtoota isaa dacheetti dabalee qophaa isa fooggalaa ture. Sababa kanaan namootni maqaa kabajaa “Abbaa Magaal” jedhamu baasaniif.

Baroodaan nama beekamaafi jaalatamaadha. Badhadhaa abbaa loon hedduuti.Nama jabaa hojjaan isaa dheeraa fuula bal'atuudha.Furdinni irree isaa sarbaa ga'eessaa tokko tuffachiisa.Yeroo lafarraa ijatu sagaleen faanasaa jalaan dhaga'amu daa'ima raftu

dammaqsa. Jireenya wal'aansoo fi qormaataa filata. Yeroo baay'ee abiddaa xiiqii tuqachuun amala isaati.

Baroodaan, yeroo baay'ee odaa jala ta'ee karoora baafata. Abbaasaa Baaroo Labataa waliin seenaa abbootii odaa jalatti waliin hasawu; mari'atu. Baroodaafi abbaansaa waa'ee sirna Gadaa, sirna bulchiinsa haqaafi wal-qixxummaa, akkaataa sirni Gadaa itti laafaa dhufe, waa'ee dhaloota darbanii kan shanan Gibee, kan Torbaan Guduruu, waa'ee ijoollee Leeqaa, maaliif akka isaan tokkummaa dhabanii gargar faca'anii waliin mari'atanii abbaan isaa gaabbiidhaan guutamee itti hime.

Baroodaa Baaroo nama guutummaa jireenyaa isaa keessatti qajeelfma tokkoon hogganamuudha. Waantoota akka itti dhufetti keessummeessuuf yeroo hunda qophii ta'uun umurii dargaggummaatiin hawaasa biratti akka jaalatamu isaa taasise. Dargaggeessa yoo ta'e iyyuu horatee qabeenya, ajjeesee faacha qaba.

Yeroonsaa yeroo midhaan sassaabamu ture. Aagaan Baroodaafaa daboo xaafii haamicha kadhatee haamaa oolani galgala daboon manatti galee osoo nyaataa, dhugaa, taphataa, sirbaa, geeraraa jiranuu, wacni ka'ee yeroo birmatan Kumalaan haadha manaa isarratti Ittaanaa eeboodhaan waraane ture. Baroodaan yeroo qaqqabu Ittaanaan lubbuuf tattafataa jira. Kumalaan immoo "nangalaafadha," jedhee yeroo dhaadatutti Baroodaan Kumalaa qabee bakka sanaa akka deemuu godhe. Sana booda gara mana isaatti galee haadha manaasaa sababa haadha manaa Kumalaatiin kan ka'e reebbe hunkuteessee nama yeroo inni mana hinjirree ishee wajjiin dabarsu baruuf gaafate. "Ani fincaan ormaa guddisuu hin barbaadu," jedhee ishee doorsisee qulqulluu ta'uu ishee mirkaneeffatee araaraman.

Baroodaa Baaroo qotatee gombisaa guuttateera. Ajjeesee faacha qaba. Ijaarratee mana bareeda qaba. Eeboon inni darbate lafa hin bu'u. Kanaan kan ka'e, hawaasa biratti kabaja guddaa horate. Bakka inni jiruutti dhugaa dabsuun hin jiru. Miidhama namaa hin jaalatu. Baroodaa Baaroo weerara sirna Nafxanyoota mormuun laftii keenyaa kan abbaa akaakileerraa dhaalle, kan handhuurri keenya itti awwaalame. Kanaaf dabarsinee hin kenninu jechuun mormee fincila guddaa taasise. Sababa kanaan waardiyyoonni nafxanyootaa qabanii mana hidhaatti darbatan.

Baroodaa Baaroo dhiirri guutummaa Leeqaatti abdatamu yeroo jalqabaaf harka nafxanyootaatti kufe. Baroodaan hiriyoota isaa wajjin mana hidhaatii badee “shifaa” ta’ee waardiyoootaa nafxanyaa yaaddeessaa ture. Walumaagalatti Baroodaa Baaroo sirna nafxanyaa finciluun mormii guddaa taasisee, uummata isaa biratti kabajaa fi dinqisifannaa guddaa gonfate. Dhumarratti harka nafxanyootaatti wadaroon fannifamee lubbuun isaa darbe. Akkaataa kanaan sabseenaan asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu raawwate.

4.1.1.2. Caasaa Ijaarsa Sabseenaa Asoosama Afaan Qawwee Jalatti

Asoosmani tokko jalqabaa kaasee hanga xumuraatti caasaa ijaarsa gara garaa qaba. Kanaaf asoosamni mata duree “Afaan Qawwee Jalatti” jedhus caasalee of jalatti hammatu qaba. Isaanis akka itti aanuutti dhiyaatu.

a) Ka’umsa

Ka’umsi bakka seenaan asoosama tokkoo itti eegaluudha. Babal’ina seenaa asoosamichaatiifiis baniinsa ta’a. Ka’umsi asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhuu akka itti aanuutti dhiyaata.

Walfamiin anatu mo’aa, hinmo’amu daangaa darbee Qana’aan haleelee hari’e. Baroodaan fuula duratti furguggifame. Deggartoonni Qana’aas ka’ani dhaabbatanii foorican. Gareen Baroodaa immoo mufatanii mee abbaa keelama!; jechaa miira rifateen isa onnachisan. Gidduutti waanti hin eegamne tokko dhalate. Baroodaan farda isaa bitaa fi mirgaatti miliqsaa haala mijaawaa eeggataa ture, Yeroo Qana’aan gara bitaatti akka cillaafkachuu ta’u hamma liphsoo ijaatti hofaa mirmirsee cinaacha Qana’aa keessaa buuse. Qana’aan Oo’ee dacheetti dabalame. (Lammii, 2016: 4)

Waraabbii kanarraa waanti hubannu Baroodaan irree jabaa qabaachuu fi yeroo jalqabaatiif beekamtii guyyaa itti argate ta’uudha. Kun guyyaa ka’umsa injifannoo isaati. Namfakkiin kun hawaasa Oromoo keessatti goota lammii ijaarraatti roorroo ga’u faccisuun fakkeeffamee uumame.

b) Oldeemsa

Oldeemsi asoosama tokko keessatti yaadni ka’umsarratti eegalamee bakka itti bababl’atuudha. Goobaangaleessi asoosamichaas fedhii isaa guuttachuuf yeroo inni gaaraa fi

dachaa bu'ee hinbaane hinjiru. Haaluma kanaan, asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhuu oldeemsi akka itti aanutti ibsameera.

Battalumatti adamoona iyyitee gargar facate. Namoonni mirga Baroodaa baatanii deemaniis lafatti darbatani lubbuuf muka jalatti of dhoksan. Qeerransi namoota rifatee mukarraa mukatti utaalaa Baroodaa bira geenyaan sareensaa ‘Shumbur’ eegee maratee gururi’e. Qeerransichi mukarraa lafatti utaalee dhagaa lakkuu holqa qabu keessa of dhokse. Battalumatti Baroodaan darbannaa jabaa tokkoon eeboosaa dugda keessa dabarsee lafatti dhaabe. ((Lammii 2016:43)

Waraabbiin kun kan mul’isu Baroodaan nama irree jabaatu, goota cimaa ta’uudha.

“Baroodaan ergasii leenca tokko rarrasaan yoo ajjeeseellee akka nama faacha hinqabneetti of ilaala” (Fuula 43) . Kun kan ibsu kaayyoonsaa akka galma hin geenyeef kana caala dabaluu akka barbaadu ibsa. “Mirgi mirga caalu kan yeeyyiiti.”(fuula 43).

c) **Finiiina**

Fininni bakka waldiddaan itti cimee gara tokkotti deebi’uudha. Bakka kanatti goobaangaleessi asoosamichaa kaayyoo isaa galmaan gahata. Yookiin ni injifatama. Yoo milkaa’e gammachuun guutama. Kan injifatame yoo ta’e immoo harka kennuun gaddaan miidhama. Kanaaf waanti lama bakka itti raawwatuudha. Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu Baroodaa Baaroo adamoo bahee leenca mootii bineensaa ta’e ajjeesee mirgaan galee yemmuu gammadu mul’ata.

“Ajjeesaan duruu jira; garuu faacha lama bakka tokkotti argachuun rakkisaadha.’Gaanfuree Baaroon dhalchee’ jedhe Baroodan yeroo tokko qofa.”

“Bu’aa bayiin adeemsa torban tokko duubaatti dagatamee, cidha guyyaa sagalii qopheessanii yeroo gandi cufti bahee qe’ee isaaniitti dhichisee sirbu, dhaadatee geeraru faacha isaanii faacha caalchisee ittiin dhaadatu yaadannaan gammachuun daangaa hin qabne dhufee fuula isaani duraatti dhufee walgaha” (Fuula 53).

Waraabbiin kun goobaangaleessi asoosamichaa kaayyoo qabatee mana bahe galmaan gahatee milkiin deebi’uufi cimina inni qabu agarsiisa.

Yeroo Baroodaan dabaree isaa dubbachuuf sagalee ciratu miirri abdiifi murannoo dhufee gumii keessatti lafa dhuunfate....Ani daandii mana Kumsaa fi Nugusee geessuu waanan hin beekneef, osoon beekes kennaadhaan haqaa waanan hin kadhanneef namoonni nu keessaa dhoksaadhaan damma qalqalloo guutanii itti marmaaraa turan... labsii lafaa kana mormee isin loluu barbaada barbaada jedhaani.....Baroodaan qawwee isaa gara samiitti olqabee rasaasaa tokko dhukaasee, sagalee dhaadannoo akkas jedhu dhageessise. ‘Awwaala keenyaarratti lafa keenya haadhalan!’ ‘Lafti keenya lafa keenya!’... (Fuula 143-144)

Waraabbii kanarraa waantii hubannu nafxanyoonni labsii lafa qalaadiin hiruuf sirna bulchiinsa isaani diriirsuu yoo ta’u, uummanni mormii qabu dhageessisuufi aarsaa knafaluuf qophii ta’uudha. Yeroo kanatti goobaangaleessi miira abdi kutannaa of keessatti horataa jira.

d) Sigiga

Asoosama tokko keessatti sigigni waanti fiixa ga’e tokko bakka itti gadi deebi’uu jalqabuudha. Sigigni asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhuu akka itti aanuutti dhiyaata.

Baroodaan ajaja fudhachuu didee rasaasa jalqabaa wiirtuu sammuu Bazzaabbitti bulgaafate. Haa ta’u malee, rasaasni isaa xiyyeeffannoo ijoo bira darbee waardiyyaa tokko galaafate. Bazzaabbii utaalee uummata walakkaatti furguggifamee kufe. Baroodaan hanga liphsuu ijaatti bakka inni kufeetti mormasaa kutuuf goraadee luqqifate Baroodaa Baaroo, dhiirri guutummaa Leeqaatti maganfatumu yeroo jalqabaaf harka nafxanyaatti kufe. Baroodaan dhiiga afaanii fi fuunyaaniin dhangala’u caala sodaa dhaloota kana dhidhimsutu isa dhukkube. Rasaasa inni wal duraa duubaan sammuu Bazzaabbiitti dhukaase akkamiittiin akka xiyyeeffannoo hankaakanii waardiyaatti goran hubachuu dadhabe(Fuula 146).

Waraabbiin kun Baroodaan gochaa mormii saamicha lafaa irratti diina isaa hogganee kan dhufee Bazzaabbii rasaasaan rukutuuf yaaliin godhee milkaa’uu dhabuufi uummata bal’aa bakka sanatti walitti qabame keessaa namoota isa wajjiin kutannoon qabsa’ani diina qolachuu danda’an dhabuutti baay’ee gadduu fi gaabbiin isa miidhe.

“...kana booda maqaan Baroodaafi namoota biroo, warreen nafxanyaatti fincilanii daggalatti galanii deebi’ee akka nama du’ee yaadatamuu jalqabe. Baroodaan ammallee nafxanyaa yaaddeessaa jira. Baroodaan ammallee hin duune, hin jilbeeffanne. Didaan mataa funyoo sun ammallee jira.....”(Fuula 182)

Waraabbiin armaan olii kun kan ibsu Baroodaanfaa harka nafxanyaatti kufanillee ammas abdiin osoo hin kutin socho'aa jiraachuufi gama faallaa ta'een immoo warreen injifannee jedhanii yaadan yaaddeessuu danda'uudha.

Mataan shiftoota hundaa, Baroodaa Baaroo,halkan tokkotti bakka hunda gaha jedhamee dubbatama. Ayyaana isaanii isa holqa keessatti isaan tiksutu humna addaa kana kenneef jedhamae odeeffama. Bakka mormiin jiru Baroodaan jira,Mardaasaan jira,Guutamaan jira, Gurraa fi ija heddu qabu. Maqaan isaani hintuqamu. Isaaniif safuudha! jedhu kabajan (fuula 188).

Waraabbiin kun bulchiinsa sirna nafxanyaa mormiin guutamuufi ummanni akka isaan wajjin hinjirree kan mul'isu yoo ta'u, aangawoonni nafxanyaa gara abdiin kutachuutti deema jiraachuudha. Kunis qooddattoota garee lamaan gidduutti wal'aansoon taasifamaa ture gara tokkotti duufaa deemuu isaati. Kana jechuun gareen baroodaafaa gara mo'amuutti yoo deema jiran, gareen faallaa isaa immoo harka kennachaa jiraachuu ibsa.

e) Furmaata

Furmaatni bakka sabseenaan asoosama tokkoo itti xumuramuudha jedhamee amanama.Furmaata asoosama 'Afaan Qawwee Jalatti' jedhu akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Baroodaan koloneel Issuubaaloo qeensa miila hanga rifeensa mataatti erga hubatee ilaalee booda “dhaamsa miti gaaffiin qaba” jedheen,” gaaffiin siif hin eeyyamamu”jedhee Koloneessichi “Atis deebiisu hin dandeessuu”jedheen Baroodaan. Gidduutti Imparar Hayila Sillasseen Koloneel issuubaloo ofittiwaamee,Gurratti basaasnaan kolooneelichi Baroodaatti deebi'ee “waan barbaaddee akka gaafattuuf mootiin siif hayyamaniiru”jedheen.Baroodaan sagalee ciratee miira gootummaa ibsuun gaafiisaa tarreessee: akkuma eenyullee beeku kaleessa yeroo dhufanii qe'ee keenyarratti abbaa nutti taatan,yeroo fedhii keessan dirqiin nurratti feetan,yeroo maqaa biyyaa fi amantiin dhugaa keenyaa dabsitan,ulfina namummaa caala qawwee keessaniitti amantan,qawwee keessaniin na jilbeeffachiftanii seera jireenya keenyaa diigu nurratti tumtan,qawwee seera fi amantiitti hirkattanii nurratti mootanii jiraachuuf karoorfattan ani akeeka keessan kana morme. Ana har'a akka nama fira hin qabneetti wadaroon fanniftanii ajjeessuun salphaadha. Garuu gaafa qomoon koo isin hadheeffatee mormiif ka'e uummata kana hunda afaan qawwee jalatti fannistani fixuu dandeessuu?

”Yeroo Baroodaan dubbatee xumuru,namoonni lamaan isa cinaa dhaabbatan wadaroo morma isaatti furgaasanii luka jalaa kaasan.”

“Jechoonni sun eelaa uummanni oromoo erga harka nafxanyaatti kufee kaasee keessa jiraataa jiru kan ibsanidha. Abboomaan muka gogaa tokko cabsee jechoota sana awwaararratti qubee gurguddaan sarare AFAAN QAWWEE JALATTI.” Jedhee.Lammii,(2016 : 202-204)

Waraabbiin armaan olii kun kan ibsu Baroodaan gaaffii gaafateef deebii,rakkoo uummataatiif furmaata argachaa jiraachuu isaati. Baroodaa Baaroo namni beekamaa goota abbaa faacha hedduu,uummata isaatiif quuqamu namni jaalatamaafi kabajamaan bifa kanaan furmaata argate. Sabseenaan asoosamichaa haala kanaan furmaatarra gahuu nutti agarsiisa.

4.1.2. Qaacceessaa Namfakkiiwwan Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhuu

Asoosamni tokko ijaaramee seenaa tokko dalaguuf namfakkiiwwaan jiraachuun dirqama. Namfakkiiwwaan namoota asooseessaan asoosama sana keessatti uumee isaan jiraachisuudha. Namfakkiiwwaan kunneenis qooda asoosamicha keessatti qabaniin gosa adda addaa qabu.Isaanis Namfakkiiwwaan olaanaa fi xixxiqqaatti hiramuu. Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu namfakkiiwwaan akka itti aanuuti qaacceffamaniiru.

a) Namfakkii olaanaa

Namfakkii olaanaan asoosama tokko keessatti qooda guddaa kan qabuudha. Taateewwaan asoosamicha keessatti argaman kallattiinis ta’ee alkallattiin baay’inaan maqaan isaa kan ka’uufi hojiiwwaan adda addaa irraacaalaan kan raawwatuudha. Goobaangaleessi asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhuu akka itti aanuutti dhiyaate.

“Takka takka gurri ofii abbaaf orma jedhe Baroodaan Kumalaadhaan. Dhiirri yoo manaa bahu qe’een ofii akka itti oolu hin beeku.Dubartiin nama jala ciistee qalbiiniifi yaadni ishee dhiira biraa kajeellaan utubaan mana ofii wabii jireenya dhaba. Haadha mana ofii abboommachuun waan hunda caala gatii qaba.” (fuula 24)

Waraabbiin kun kan ibsu Baroodaan nama jireenya isaa qajeelfama tokkoon bulchuufi dhiibamuu mirga namaatiif quuqamu ta’uudha.Keessattu hiriyaa isaa Kumalaa gorsuu barbaadeet yaada isaa kaasaa turuu ibsa.

“Afaan kee walitti cufi” jedhee Baroodaan sagalee akka bakakkaa lafa sochoosuun. Kumalaan rifatee walitti shuntuure (fuula 25). Kun kan mul’isu Baroodaan dursee akka Kumalaan maatii isaa (haadha manaa isaa)gorsu itti himuun sirreessuu waan dideef ta’uudha.

“Baroodaan ulfina Garbaabatiif tumaaleessa guddaa tokko qalee nyaachise” (fuula 37). Kun kan ibsu Baroodaan nama ulfinaa fi kabaja beeku ta’uudha.

“Baroodaan nama dafee waantotatti harka kennatuuf obsa hin qabu (fuula 49). Guungummiin miiltoosaas isaa aarse”. Namfakkiin kun obsa qabeessaafi nama dafee abdiin hin kutanne harka kennachuun gadaantummaa ta’uutti amana.

“Baroodaan rakkoo hanqina midhaanii hin qabu.Gumbii fi gombisaan isaa ammallee guutuu dha”. (fuula 60).Goobaangaleessi kun nama cimaa qabeenya qabu,nama hojiitti amanu ta’uu ibsa.

“... kana waan beekuuf Baroodaan Saaqqattuu ofiitti waamee akkana jedheen Harka hir’uun ateeteetti dhiyaachuurra facaafachuu dhiisuu wayya. Waanti hundi guutee firri nyaate dhugee dhangaan lafatti hafuu qaba”. (fuula 66)

Waraabbii kanarraa wanti hubatamu namfakkiin kun nama cimaa gammachuun isaa akka gammachuu hawaasatti, Kan hawaasaa immoo akka kan isaatti itti dhaga’amudha.

Na dhageessaa? jedheen Baroodaan akka gurra isaa qabee harkiseetti, Namni jireenya nama diigee kan ofii ijaarrachuu barbaadu nu keessatti bakka hin qabu. Abbaan sanga kana nyaachisee obaasee, kan furdifate itti jiraachuuf malee eebbisee siif kennuu fi miti. Ati garuu har’uma kaatee abbaa horii ta’uu barbaaddee kun ergaa dha? Inni karra namaatti si ergee eeboo abbaa keetti maaf sii hin ergu? (fuula71)

Waraabbiin kun kan ibsu Baroodaan nama haqaa namaa barbaadu kan balaleeffatuu fi hojjatee guddachuutti kan amanu ta’uudha.

Baroodaan qabeenyaa guddaa waan qabuuf lafa bal'aa humnaan qabatee abbaa lafaa ta'uu danda'a. Goota jabaa, akkasumas ogeessaa dubbii waan ta'eef qoroo bitatee masaraa isaatti mana murtii banatee yakkamaa adabee,ergamtoota heddu ooyiruu isaatti bobbaasee gooftaa uummataa ta'uu danda'a. Yoo daandii kana filate nafxanyaan wiirtuu keenya harka ball'isee isa simata. Garuu kun mul'ata isaa miti.Baroodaan gootichi isaa barbaadaa kallacha uummataatti (fuula 89)

Waraabbiin armaan olii kan agarsiisu Baroodaan qabeenyaa qabuu fi humna qabuun uummata dararuufi garboomfachuu kan hinbarbaannee ta'uudha. Goobaangaleessi kun uummataaf kan quuqamu miidhamni uummataa kan isa dhukkubu ta'uudha.

“Baroodaan nama afaanii miti;nama tarkaanfiiti.Kanaaf namoota biratti magoonfatama, kanaaf abdatama”. (fuula 102)

Waraabbiin kun eenyummaa Baroodaa fi fudhatama inni hawaasa keessatti qabu ibsa.

Baroodaan miira dadhabaa waahubachuu hindandeenyeen Mardaasaa dhageeffachaa ture. Lafti utubaa jireenyaa isaati.Jireenyi qonnaan bulaa tokkoo kan hiika godhatu ooyiruu waggaa guutuu itti dadhaberraa yoo callaa gaarii galfate qofa.Lafa tattaraaranii,dhoqqee dhiitanii,eelanii qotanii,dhagaa cabsanii,haamanii dha'anii,calleessanii hanga ... (fuula 133)

Waraabii kanarraa wanti hubatamu dhufaatiin nafxanyootaa dhaalamuu lafa Oromootiif sababa ta'ee hamilee fi miira Baroodaa kan hubee fi abdii jireenyaa kan isaa dhorke ta'uudha.

b) Akkaata Namfakkii Olaanaan Asoosamichaa Itti Dhiyaate

Namfakkii olaanaan asoosama tokko keessatti jalqabaa kaasee hanga dhumaatti yemmuu dhiyaatu haalli asooseessaan qooda kenneefii mul'isu adda addaatu argama.Haaluma kanaan Goobaangaleessi (namfakkii olaanaan) asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu keessatti Baroodaa Baaroo ittiin dhiyaatee kanaa gadiitti qaacceeffameera.

Namfakkii olaanaan asoosamichaa kabajamuu aadaa,safuu hawaasaa,duudhaa,mirga namaa,amantii uummataatiif iddoo akka kennuudha. Kana dhugoomsuuf waraabii muraasa fudhannee haa ilaallu.

“Garbaabaan qe’ee Baaroo fi Baroodaatti kabajaan keessummeeffame. Dhangaan gosa gosaan qophaa’ee,bookni akka haaraatti naqamee ”.....(fuula 37). “Baroodaan ulfina Garbaabaatiif tumaaleessaa guddaa tokko qalee nyaachise”. (fuula, 37).

Dhiirri tokko tokko orma maaddii isarraa nyaatu arguu hin barbaadu. Baroodaan nama nyaachisee,obaasee hojiitti bobbaasaa. Namni hanga nyaatu hojjeta jedhee yaada.Warrii dhiiraa guyyaa lama isaaf qotanii guyyaa tokko ofiif qotatu. Sangaa fi sanyiin kan Baroodaati.... Dubartoonni ammo daadoo daadoodhaan hojjetanii gatii dafqa isaani isa gaafatu. Yeroo manatti galan midhaan fudhatanii galu. (fuula, 61)

“Baroodaan damma bookni irraa naqamu okkotee fi qalqalloo keessaa baasee kenneef.Ayyaanni guutuu ta’u qaba.Kadhatanii mucaa godhatanii,qabeenya horatanii harka hir’uudhaan ateeteetti dhiyaachuun hoodadha.Dheekkamsi namatti dhufuu danda’a”. (fuula, 66)

Waraabbiwwaan gubbaatti eeramanirraa wanti hubannu Baroodaan kabaja inni namaa fi aadaadhaaf qabudha.

Baroodaan halkan dukkana sanaan siree isarra ciisee waan kanarratti yeroo dhibbaa ol yaadaa ture. Dhaloonni haaraan kanneen aadaa abbootii isaanii fudhatanii,eeganii,eegsisanii,jabeessanii qabani dhaloota dhufutti dabarsuuf bidiruu jireenyaa Koran yaadaa fi qalbiidhaan akka fincaan itilleerraa addaa adda facaa’anii uumaa fi uumama komataa waan xiqqoottis gammadaa,xiqqoottis abdi kutataa,akka saree maraattee abbaa guddisaa ciniintuu waaqatti quba qabaa.....(fuula, 87)

Waraabbiin kun kan mul’isuu Baroodaan aadaa fi duudhaan abbootii dhaloota haaraa biratti bakka dhabuun kan isa yaaddeessa jiru ta’uudha.

“Yeroo Baroodaan dabaree isaa dubbachuuf sagalee ciratu,miirri abdi fi murannoo dhufee gumii keessatti lafa dhuunfate.waraabeessi waan halkan dalage beekaaf guyyaa boolla oola” jedhe Baroodaan akkuma dubbii eegaleen(fuula,.143).....

Gama biraatiin yeroo murteessaa kanatti labsii fudhatama hin qabnee kana dura dhaabbachuuf gamtaa nuu barbaachisa. Nuti yoo tokko taane waan hin jijjirame hin jiru. Yoo gamtaan lollee ,yoo gamtaan morminee diina kamiyyuu ni injifanna. Baroodaan qawwee isaa gara samiitti olqabee rasaasa tokko dhukaase,sagalee dhaadannoo dhageessise. Awwaala keenya irratti lafa keenya haa dhalaan! Lafti keenyaa lafa keenya! Sagaleen dhaadannoo sun lafa sochoose. (fuula 143-144)

Waraabbii kanarraa waantii hubannu Baroodaan goota tokkummaa fi bilisummaa uummataatiif kan of dabarsee kennu ta' uudha.

Na gantan!, na saaxiltan! na gurgurtan! naBaroodaan aariin dursamee jechoota afaanitti dhufan hambifate. Waan akka ibidda wayii goodaa mari'ummaa isaattii isa gubnaan hafuura dheera baafate. Deebisee ammoo ilkaansaa walitti rige! na saaxiltan! na saaxiltan! qullaa koo diinaaf saaxiltan! Garuu maaliif ?.....sagaleensaa jabaataa dhufee sagalee dheekkamsaa ta'e. (fuula 149-156)

Waraabbii kanarraa wantii hubannu Baroodaan nama bilisummaa ummataatiifi sarbamu aadaa fi amantaa akkasumas dhaalamu lafa Oromootiif osoo qabsa'aa jiruu, nama tokkollee diina isaa keessaa ajjeesuu dadhabanii qabamanii hidhamuu fi duutii itti murtaa'uun baay'ee aaruudha. Garuu roorrootu 'shiftaa' isaan godhe, roorroo bulchiinsa nafxanyaa baachuu dadhaban 'shiftummaa' filatan.

Ejeersa dhagaa gidduu

Isa qottoon hin murre

Gara damee isa malee

Didaa mataa funyoo

Isa eenyuufiyyuu hin bulle

Yoo lammii isaatii malee Baroodaa ture kan geerree (fuula 187)

Waraabbii kanarraa wanti hubatamu Baroodaa Baaroo bulchiinsi nafxanyaa mirga hawaasaa waan dhibeefta tole jedhee fudhachuu diduu fi fincila diddaa garbummaati. Barreessaan asoosama kana keessatti dhaamsa dabarsuu barbaade cimsuufi miidhagina barruu isaa mul'isuuf walaloo geerarsaatti fayyadamuusaati.

c) **Namfakkiiwwan Xixiqqaa**

Namfakkiiwwan xixiqqaan warreen asoosama tokko keessatti qooda muraasa qabanidha. Asoosama "Afaan Qawwee Jalatti" jedhu namfakkiiwwan xixiqqaan eenyufaa akka ta'anii fi haala ittiin dhiyaatan akka kanaan gadiitti dhiyaataniiru. Asoosama kana keessatti namfakkiiwwan baay'eedha. Hunda isaani kaasuun rakkisa waan ta'eef kanneen akka fakkeenyaatti fudhataman murasaa isaanii ilaalla.

“Qana’aa Abbaa humnaa nama jabaa guutummaa Leeqaa keessatti waggoota shaniif hin ijifatamne yeroo ta’u, jabeenya irreesaatiin beekama.Humna isaatti amana.Kanaaf namoonni Qana’aa Abbaa Humnaa ittiin jedhan”. (fuula 3)

Kun kan mul’isu Qana’aan waldorgommii fardarratti beekama ta’uudha.

“Saaqqattuun ijoollee sadii deessee yoo hoosifteellee bareedinni ishee dargaggummaa irraa hin sharafamne”. (fuula 12)

Saaqqattuun haatii manaa Baroodaa Baaroo bareedduu ta’uu fi ijoollee sadii qabaachuu ibsa. Kana malees, dubartii kabajamtuu, hawaasa keessatti jaalatamtuu ta’uu ishee asoosamicharraa hubatameera.

“Saaqqattuun keessa isheetti gammaddee wandaboo ishee gudeeda gidduutti sassaabbattee dombii fudhattee cina isaa teessee”. (fuula, 12)

Kanarraa wanti hubatamu Saaqqattuufi Baroodaan jireenya isaanii keessatti waliigalteen jiraachuudha.“*Utuu waareen hin bahin Aagaan daboo isaa jajjabeessuuf buna,farsoo fi daabboo ijoollee baachisee dhufe.....mee takka as garagalaatii afaan bulee jiifadhaa*” jedhee Aagaan daboo isaatiin “*mee arraba nu jiisii kaa gurbaa!....qoonqoon iyyuu nu gogdee hoo*” jedhee Baroodaan.....”(fuula, 20)

Waraabbii kana keessatti ummanni Oromoo gamtaan hojjechuu fi yeroo hojii waliin hojjetan nyaatni,dhugaatiin qophaa’ee waliin nyaachuu mul’isa.

“Aagaan ba’aa guddaa obbaafatee waan sammuu isaa boqonnaa godhateef gammadee fuulli ilkaan qofa ta’eera”. (Fuula, 20)

Waraabbiin kun kan mul’isu tokkummaan hojjechuun aadaa hawaasaa ta’uu fi hojii kan salphisu ta’uudha.

Humdumtuu harka itti buufatee gammada “Namichi rukutaa, tuffii, arrabsoo, dhiitichoo fi qaanii mataa isaarratti wal gahe obsee fuula duratti tarkaanfata”.Namoonni jibbaa isa dhumaa jibbanii rukutuu dhiisanii hancufa itti tufu.Harki namichaa duubaatti hidhamee jira.Hattuu kana gabaa Bonayyaa geessanii, naanneessuun itti sirbaa deemu.Maqaan hattuu kanaa Deetii jedhama. (fuula, 70)

Waraabbii kanarraa wantii hubannu aadaa hawaasa keessatti qabeenyaa namaa hatuun hagam jibbamaa akka ta'edha.

“Akkasitti hoomaan gelel bahee itti kolfanii,itti tufanii itti sirbaa gabaa isaa nanneessaa oolan.Ijji gabaa irra buufate. Hundumtuu muu! nama keessaa cabi,ittiin jedhu....itti fufanii jaarsoliin qarabaadhaan gurra gartokko irraa muranii sirbaa fudhatanii sokkan....”(fuula 71-74)

waraabbiin kun kan mul'isuu Deetiin safuufi aadaa uummataa cabsee qabeenyaa namaa kan ofii waan godhateef hawaasa keessatti akka qaana'u fi warri kaan akka irraa baratu gochuudha.

“Oliqaan Boorana kallachi bira taa'udha.Hawaasa eebbisuufi araara buusuun beekama. Kallachi meeshaa soodaatamaa akka namni haqa hin dabsineef jalqabaa kaasee waaqarraa bakakkaa waliin gadi buufameedha” “Kunoo kallachatti ofkenne”jedhe dargaggeessi tokko olka'ee maqaan isaa Hiikaa jedhama. Ganda Ollaa Waaqjiraa keessa jiraata.....”Lammii, 2016:79,80,85,11).

Safuu hawaasichaa cabsuun hawaasa keessatti kan jibbamu ta'uudha. Dabalataanis, namni safuu hawaasichaa cabsee yakka raawwate, kallachatti of kenee yoohimateni dhiifamaaf. Kana yoo ta'u baate garuu rakkoo taisa mudata jedhamee Manama. Waraabbii kanarraa waanti hubatamu akka aadaa Oromootti kallachi safuudha.Ni kabajama. Namni dhoksee yakka yoo raawwatellee kallachatti yoo dhiyaate yakka sana himatee balleessaa isaarraa akka qulqulla'udha. Akkasumas akka aadaa hawaasa Oromootti sirni araara gumaa kallachaan gaggeeffama. Kallachi hinqolu. Kana jechuun kadhannaa taasifamudidduun akka hindanda'amne ibsa.

Ijji Hirkoo barbadaa abiddaa uffaaate.Lafti inni irra dhaabbataa jiru faanasaa jalaa raafamtee.Doonitu ittiin cite.Sammuun isaa hamminaa fi haalummaadhaan xaxamee dhikkifatee tarsa'uu gahee;ta'us maal godhu bishaan darbee hin waraabamu dhagaa gargar bahe ta'ee jira walitti hin deebi'u. (fuula 85)

“Oliqaan akka araarii buufamee maaddii lamarraa nyaatamee dhugameen Baroodaa fi Mardaasaa ofiitti waamee akkana jedheen; Ijoollee koo,aadaa abaabilee fi akaakilee keenyaa

hin dagatinaa. Dhaloonni haaraan akka aadaa abbootii isaaniitti jiraachuun waan gaariidha. ..”(Lammii, 2016:101). “Jireenyii durii gaarii ture,sababni isaas ayyaana waaqatu nurratti ulfaate.Yeroo ayyaanni waaqayyoo namarratti ulfaate jireenyi namoota gaarii ta’a. Kana jedhee barruu harka isaaniitti tuttufe isaan eebbisee” (Lammii, 2016:101).

Waraabbiin kun kan mul’isuu ayyaanni waaqa namarratti yoo ulfaate namoonni jireenyaa gaarii jiraachuu akka danda’ani fi nageenyi akka babal’atudha. Kana malees Oliqaa jaarsa hawaasa keessatti jaalamataa ayyaanni waaqa irratti ulfaatuu ta’uudha. Haala Kanaan asoosaan haala aadaafi falaasama uummata Sanaa miidhagsee mul’isuuf yaaleera. Namfakkiiwwan uumamanis hawaasichuma sana ta’anii mul’ataniiru jechuun nidanda’ama.

Waraanni Minilik kan jalqabaa Ankoobar irra ka’ee dirqama badiisa diriirsuuf sosso’ee nama Daargee jedhamuun hogganamaa ture. Daargeen nana buleessaa ganna afurtamatti tilmamamu yemmuu ta’u ijoollummaa isaatii kaasee waraanaa Minilik keessatti miseensomee kaayyoo inni uummata olla garboofachuuf bitaa fi mirgaan.... (fuula 106)

...Daargeen nama gabaabaa furdaa rifeensa areedaa fuula uwwisee yoo ta’u agara jabummaa isaatiin beekama. Lola irratti yeroo dhiigni namaa lola’uu inni immoo akka qeerransa morma kuruphee hiddee dhiiga hoo’aa qeensee dhuguu,albee morma namaatti diree dhiiga hoo’aa qeensee dhuguu malee boqonnaa hin argatu....Galmi mul’ata keenyaa kan dhalootaa dhalootaatti hawwiidhaan itti gubataa turree kanumaadha. (fuula, 107)

Waraabii kana irraa waantii hubatamu gara jabina hogganaan waraana Minilik uummata oromoo fi ollarratti qabuu fi hawwii lafa uummataa dhaaluu humnaan garboomsuuti.

...Dubartiin cininsifattuu kun ilmaan diinaa dahuuf akka miixattuu maaf dagatta? Ilmaan dinaa adii fi gurracha,dhiira ,dhala guddaa,xiqqaa hin qabu. Yoo har’aa gara laaftee bira tartee bor nama taatee boolla itti awwalamtu siif qotti. Kan dursee lafarra dugugamee dhumu qabu warra bor yaaddoo nutti ta’uudha.Waan fincilaan diinaa taatee hundumaa gara jabinaan dhabamsiisuudha.siif galee “Daargeen saggoo mashashaa rurrukutee itti seeqe”. Haala gaariin jedhe Mashashaan yaada Daarge guutummaatti sifeeffate. (fuula, 108-109)

Waraabii kanarraa waanti hubatamu gara jabina Daargeen dhala namaarratti qabu maal akka fakkaatuudha.

“Daandii bulchiinsa nama dhuunfaa Bakaree Gadaanaa Saaqee ilmaan isaa dhaalchisee darbee nafxanyaan abbaa irree irraa fandaalalee saggoo uummataarratti goobee jireenyi uummatai bal’aa cancala bulchiinsa haaraatiin luugamamee”. (fuula 128)

Waraabbiin kun kan nutti agarsiisu sirna bulchiinsa sanyiidhaan filannoo uummata malee ummatarratti babal’ataa akka dhufee bulchiinsa Bakareerra kaasee dhaalmaan hanga Bulchiinsa Nafxanyaatti kan jiru mul’isa.

“Nugusee Asaffaa Nafxanyoota hundarra amala addaa qaba.oftuulee samiin of qixxeessuun isaa akkauma jirutti ta’ee waan hundumaa beekumsa osoo hin taanee jabina irree isaatiin furuuf ariifata...” (fuula128)

Waraabbii kanarra kan hubannu oftuummaa gitabittoonni , Hootni, nafxanyaa qabaniidha.

Nagawoon yeroo muraasa calleensa buusee deebi’ee garuu har’a kan walitti qabamneef gaaffii kana deebiisuufi kun gaaffii salphaa miti,gaaffii seenaa durii fi gaaffii jireenyaa ammaatti Gochaan abbootiin keenyaa lafa kana ittiin qabatani fi dhaloonni keenyaa amma lafa kana ittiin dhabne gabatee seenarratti galmaa’e dhalootatti aanuu nu madaalchisee. (Fuula, 141)

Waraabbii kanarraa lafa uummanni abbaa fi akaakayyuurra dhaalee har’a qaqqabee dabarsine nafxanyaaf kennuun qaani guddaa ta’u hubanna.

“Dhugaadha,dhugaadha”jedhe Guutamaan Cinaachasaa ilkaan geergoo dirmaammesse hooqqachaa. Amma waan darbee darbe jira.Bishaan darbe hin waraabamu. Amma waan nuti gochuu qabnu akkamitti hidhamne osoo hin taanee,akkamitti wadaroo diina jalaa of baasna kan jedhurratti ta’uu qaba. Rakkoo keessa teenyee gaabbiin of waxaluun furmaata hin fidu.Mitii, abbaa Magaal? (fuula 149)

Waraabbiin kun kan ibsu Baroodaan,Mardaasaa fi Guutamaan hiriyoota sirna nafxanyaa morminaan mana hidhaatti geeffamaniidha. Kanaafuu jarri kun mana hidhaa keessatti waliin hooduun bu’aa akka hin qabnee fi osoo duraan kana raawwannee jechuun bu’aa akka hin qabaannee fi isa gara fuula duraatti furmaata barbaaduun kan filatamu ta’udha.

Lammeessaan abbaa qoroo jedhame lafa bal'aa Ayiraa Jaawwii kaasee bakka Bonayyaa gahu irratti mataa bulchiinsa ta'ee muudame.Saaqqattuun haati mana Baroodaa gola Lammeessatti tajaajiluuf dirqamte. Dubartiin ulfaattuun fakki dubartoota heddu turtee kun umurii kabajamu qabdutti majiirratti gogdee ... (fuula, 171)

Waraabbiin kun kan mul'isu Lammeessaa nama jala kaattuu nafxanyoota ture aangoo argatee haati manaa gooticha wabii uummata ture mana isaa tajaajiltuu fi kabaja wallaaluu bulchiinsa sirnichaa ta'uudha.

“Koloneel Issubaaloo Imparar Hayila Sillaasee uummataatti beeksisee ,Baga guyyaa injifannoo kana irratti argamtan jedhe.Itti aansee eenyummaa Baroodaa Baaroo waraqaa fuula tokkorra dubbise” Itti fufee biyyi keenya biyyoota muraasa seera mootummaan baheen keessaa ishee tokko ta'uun ishee mootummaa Jaanoo hagam cimaa fi mootummaa uummataaf dhaabbatee ta'uu mul'isa. (Fuula 202)

Waraabii kanarra waanti hubatamu Koloneel Issubaaloon ergamaa sirna bulchiinsa nafxanyaa ta'uu fi oftuulaa ta'uusaati.

“Abboomaan of adabuu dadhabee bitintiree qarmammeettirratti kufe. Achis dafee ka'ee oada guddicha dura wiirtuu kora uummataa ture jala taa'e, abbaan koo du'eera, awwaalameera ofiin jedhe”...muka gogaa cabsee jechoota sana awwaaraarratti qubee gurguddaan sarare”. (Lammii, 2016:204)

Waraabbiin kan mul'isu bulchiinsi sirna nafxanyaa gochaa gara laafummaa tokko malee abbaa Abboomaarratti raawwatame liqimsee dhugaadha jedhee amanee fudhachuu dadhabee dhumarratti yaadasaa of amasisee garaa kutatee tarkaanfii fudhachuu isaati.

... Bazzaabbiin boorsaa isaa harka kaa'ee hoo'uu jedheen, maalinni?jetteen haatii Tiguu qarshii kuma tokko.kan hafee gaafa xumurtu siif dabalaa. Haati Tiguu afaan bantee hafte. Bara jireenya ishee keessatti argitee hin beektu....Guyyaa lama booda,yeroo Nuguseen akkuma durii aragalfannaaf mana isheetti goru gammachuun isa simatte arraba takaaltee isa isa gadhiiste. Nuguseen mataan nafxanyaa wiirtuu keenyaa osoo hin se'iin siree irratti hafe.Bazzaabii mataa bulchiinsaatti ol bahe. (Lammii, 2016: 192)

Waraabbii kanarraa kan hubatamu bulchitootni sirna nafxanyaa akkuma uummata keenyaaf marartee hin qabne waliifiis marartee dhabuu fi qarshii argannaan lubbu namaatiif jireenya nama biroof kan hin quuqamne ta'udha.

4.1.3. Qaacceessaa Yoomeessaa Asoosama Afaan Qawwee Jalatti

Yoomeessi akkuma maqaasarraa hubatamu, Asoosama tokko keessatti gochaawwaan adda addaa namfakkiiwwaan raawwatan yoomii fi eessatti akka raawwatame kan ibsuudha. Kana malee haala jiruu fi jireenya hawaasa jechuunis: gadda, gammachuu, amantii aadaa, sirna bulchiinsaa, dinagdee, hawaasummaa kan hammatuudha.

a) Yeroo

Asoosama tokko keessatti gochaawwan garaa garaa kan raawwataman yeroo keessatti. Yeroon kunis haala adda addaatiin dhiyaata. Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” yeroo namfakkiiwwaan waantoota garaa garaa raawwatan ni argama. Yeroo ibsame kanas fakkeenya fudhachuun akka armaan gadiitti haa ilaallu.

“Birraan yeroo jaalalaa fi gammachuuti. Ganni dukkanaa fi ulfaataan darbee birraa ifaa fi abdiitiin bakka buufama... Baroodaan Xomboora ibsaa maatii hundaa erga qopheessee booda...” (Lammii, 2016: 9)
Hawaasni oromoo ganni bahee yeroo birraan bari’u Xomboora ibse yeroo itti gammaddee wal eebbisuu fi Waaqa uumaa isaa galateeffatu akka waraabbii kanarraa hubanna. “Masqalli hir’uu hin qabu, Iyyeessi godaantuun illee duutee baddee dhangaa qopheessuun dirqama.....Galgala sana Baroodaan mana keessa olii fi gadi deddeemee waaqa kadhate. (Lammii, 2016: 11)

“Baroodaa fi Saaqqattuun hanga halkan waariitti booka isaani dhugaa waa’ee jireenyaa isaanii waliin mari’ataa turan”. (Lammii, 2016:12).
Yeroo handaqqoon lama iyyituu Qinaaxxiin hangaftii gosa ibsa Xomboora qabsiisee. (Lammii, 2016:13)

“Birraan yeroo midhaan akka boqqollo quncisuu, buna funaanuu kanneen sassabaman yeroo itti dhahaman ta’uu waraabbii kanarraa hubanna”. “Midhaan oyiruu sassabamee gallaan hundumtu hojii qonnaarraa buufatee aragalfata yeroo bonaa wayiitii akkasii namoonni amalli hin boqannee, kanneen akka Baroodaafaa citaa diimaa kan ganna mana itti kabatan haamu....”.(Lammii, 2016: 32).

“Yeroo ammaa kanatti ilma abbaa caalu argachuun rakkisaadha” jedhee Garbaabaan Baroodaadhaan (Lammii, 2016: 33)

“Aduun saafaa namaafi lafa walitti gubu keessaa afuura walitti baafachaa laga Angar bahanmiltoon adamoo osuma adeemani ”. (fuula 47).... “Guyyaa guyyaa haala rakkisaa kana keessa adamsaa oolanii halkan halkaan immoo ichima buusani abiddaa qammeechaa bulu” . (fuula 49)

....“Erga ganama didee galgala tola”jedha Hundumaan abdii kutachuudhaan” .(Fuula 49)Lafti bari’uu gahee boroon diimateera. Dukkanni sodaachisaan suuta suuta saaqamee ibsaan uumamaa lafarratti aangoo uumuuf balballi biiftuu banamu gaheera. (fuula 50)

Aduun bantii waaqatti ol qaaritee manatti tirachaa jirti.qilleensi qabanna’aan suuta suuta lafa dhuunfateebu’aa bahiin adeemsa turban tokko duubaatti adeemtee cidha guyyaa sagalii qopheessani yeroo gandi cufti bahee qe’ee isaaniitti.... (fuula 53).

“Baroodaan gaafa bokkaan arfaasaa roobu qofa sangoota camaduu jaalata. Amma ji’a bitooteessaa rooba malee dhufee samii fi tulluun dumeessaa dorrobee roobaa hin jiru. Hoo’ii aduun yeroo kam caala dabalee abiddaa lafarratti aangoomse”. (fuula 55)

... ganni rooba malee dhufee falli gaafa dhabamu uummanni malkaa tulluutti bahee korma qalee cinceessee waaqayyootti iyjee....Bantiin Waaqa cabbii caalaa addaataa ture suuta suutaa dumeessaa aangoomee rooba dorrobee...Bokko yaandoo gudunfaa hiikkateeGuyyaan isaa kamisa ture. Guyyaa gabaa guddaan Naqamteetti dhaabbattuudha..... Amma namni guyyaa gabaa kana yaadateellee hin jiru.hundumtuu ooyiruu isaatti maatii isaa waliin garagalee. (fuula 56-57)

Baatiin ateetee ittiin bulchan waan gaheef saaqqattuun qorxii fi sabaroo kusaayeedhaan foksitee,qorxiitti garbuu marqaa guuttee sabaroo waliin boroo dhaabdee ...Gaafa ateetee Saaqqattuun wandaboo uffattee,callee fi caaccuu kuulamtee ,okolee fi dhaabbata qabattee ...Baroodaan Bariidhaan dullacha ateetee qalee moora baasee bakka saaqqattuun teessuutti fidee gateetti isheerra buuse...Guyyaan isaas kan dubartiiti. yeroo sagantaan ateetee xumuramee firatti ollaan gara mana isaatti gale...daakuu fi saameetni garuu waan hin dhumneef dubartoonni olla hanga guyyaa sagaliitti itti deddebi’uu danda’u (fuula 66-70)

“...Torbaan lamaan kallachi bobba’ee itti manguddoonni biyyaa dubbi gurguddaa fi walxaxaa ta’ee fiixuuf dandeetti qaban...”

....Barii subiidhaan fixeensii hin urgufannee,Bishaan malkaa bu’ee gaaddidduun hin qaxxamuurreeYeroo ayyaanni waaqayyoo namarratti ulfaatu,jireenyi namaa gaarii ta’a. Yeroo kanatti gaddii baay’ee dabalee...sagantaan araaraa inni dhumaa maatiin Waaqjiraa mana hiikaa deema sagantaa achitti xumuramu . (fuula 96-101)

Waraabbiwwan armaan oliirra waanti hubatamu yoomeessi asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” yeroo ilaachisee dhiyaate, haala jiruufi jireenya uummataa, waliin jireenya, kabaja

aadaa, ayyaaneffannaafi yeroo ayyaaneffannaan itti raawwatamu, gamtaa'ina uumataa, walgargaarsa, yeroo hojiiwwan adda addaa hojjetaman, qonnarratti, haamicharrattii fi kkf irratti walii birmachuu, walbira dhaabbachuu, tumsa waliif gochuufi namoota jireenya hawaasammaa keessatti duubatti harkifatan cimsuuf yeroo gorsan, rakkoo uumame tokko of tokkummaan waaqauumaa isaanii yeroo kadhataniifi galateeffataa, akkasumas yeroo sirna adda addaa tokkummaan kan ayyaaneffataniifi rakkoo hawaasicha keessatti uumame furuuf yemmuu itti socho'an argina. Kana malees hawaasicha keessatti lubbuun namaa yoo bade nama gocha badii raawwate sirna kadhannaa "Gumaa" yeroo itti raawwataniifi haala itti raaawwatamullee kan agarsiisu ta'uun hubatameera.

Dabalataanis adeemsa namootni faacha argatanii kabajamuuf raawwatan, obsaafi kutannoo adamsitoonni yeroo bineensa ajjeesuuf deeman qaban, aarsaa guddaa kafalee mirga argatee erga galee booda, sirna raawwatmuufi kan harka duwwaa gale immoo gadda hamaan yeroo liqimfamu argina. Walumaagalatti yoomeessi yeroo haala jiruufi jireenya hawaasaa asoosaan asoosamicha keessattieere gama hawaasummaa, dinagdee, siyasaa, aadaa, seenaa, duudhaa kan hammatu ta'uu agarsiisa.

b) Bakka

Asoosama tokko keessatti namfakkiiwwaan bakka keessa jiraatan yookiin bakka keessatti gochoota adda addaa raawwataniidha. Bakki isaan keessa jiraataniis akkaata asoosessaan uumurratti hundaa'uun adda addummaa qaba. Kunis dhugaan bakka addunyaa kanarraa jiru yookiin kan ofii uumee irra jiraachiisuu ta'uu danda'a. Asoosama "Afaan Qawwee Jalatti" bakki namfakkiiwwaan asoosessaan uumee irraa jiraachise hedduudha. Bakkeewwaan kanneen keessaa muraasa fudhannee akka fakkeenyaatti ilaalu yaalla.

"Qana'aa Abbaa Humnaa nama jabaa guutummaa Leeqaa keessatti waggaa shaniif hin injifatamnee yeroo ta'u ... ,Egaan, Baroodaan nama akkas irree isaatti amanu kana dacheetti dabale". (Fuula3)

Waraabbii kanarraa kan hubannu Qana'aa Abbaa Humnaa fi Baroodaa Baaroo naannoo oromiyaa dhihaa Leqaa bakka jedhamuutti waldorgommi fardaarratti akka hirmaataniif beekamtii hawaasaa naannoo sana biratti qaban ibsa.

“...Qinaaxxiin hangaftii gosa ibsa xomboora qabsiifatee ‘Hiyyoolee daree’ jechaa maatiisaa of faana hirirsee Dirree masqalaatti bahe. Dhaloonni gosa “Bonayyaa akka hangafaa fi qixisuutti wal duraa duubaan isa hordofan (fuula 13) ...Namootni gurguddoon tuullaa daaraa cinaa tata’an...”(fuula, 17

Waraabbii kanarraa waanti hubatamu akka aadaa oromooti ayyaanni masqalaa yommu kabajamu xombooraa ibsaa dursee dirree masqalaatti kan qabsiisu hangafa gosaa ta’uu fi barbaadaa bira naanna’anii taa’ani, eebbisani,abdaariitti dhibaafatani waaqa birraan isaan ga’e akkka galateeffatan.

“... Daboo xaafii haamaa...waan mana ofii dhangaas ta’ee hadhaa abbaatu dura fudhata....”(fuula, 21)

”kallatti Geerrachoo fi waamaa Bonayyaati immoo sagalee ulullee”(fuula, 21)

“Namfakkiiwwaan asoosamichaa daboo haamaa akka oolani fi nyaata fi dhugaatii adda addaatiin boqonnaarraa/bashannanaarraa akka jiran waraabbiin kun nutti mul’isa. “Sirni ateetee quufadha. Keessummaa laga ce’ee dhufu...hamma barbaade nyaate dhugee gala.” Fuula 69 Mana Baroodaatti sirni ateetee kabajamaa jiraachuu nutti mul’isa”.

“...Ummanni kuma hedduutti lakka’aman akka fixeensi ganamaa bu’een kallattii hundaan wal guurani odaa fuullee q’ee Baroodaa jiru jalatti walgahan”.(fuula, 76)

Waraabbiin kun kan agarsiisuu hawaasni rakkoo isa mudatee Odaa jalatti walga’ee akka mari’atudha.

“...Maal jechuun barbaade?jedhee gaafate Oliiqaan namoota Odaa jala jiran...Mana murtii nafxanyaa kan Naqamtee jirutti na dhiyeessaa....”(fuula, 85)

“Suuta suutaan nafxanyaan lafa oromoo waliin gahee dhumarratti Leeqaa to’ateeTakahayimaanot,Mootii Goojjam,Minik Mooti Shawaa waliin kan wal lolchiisee diinummaa waggaa dheeraa osoo hin taanee qabeenyaa oromoo badhatuu sanadha...”(fuula,111)

Waraabbiin kun dachee Oromoo badhaatuurratti bulchitootni nafxanyaa wal lolaa turuu isaani nu hubachisa.

“.....Abbootiin murtii sadan Nugusee Asaffaa,Kumsaa Morodaa fi Bazzaabbii Mirat yeroo dhufani dhaaddacha banan ragaaleen sadan Fufaa, Lammeessaa fi Hirtoon immoo raga bahuuf dhaaddacha cinaa tataa’an”. (fuula, 153)

Waraabii kanarraa waantii hubatamu Nafxanyoonni dachee Oromoo jiiuu fudhachuuf ofumaa isaaniif abbaa murtii ta’anii,gurraa hootuu isaani ragaa godhatanii,goota akka Baroodaa Baaroo guutummaan Leeqaa kan abdatuutti murtii du’aa akka itti murteessan, seera jallaa ta’uudha.

4.1.4. Waldiddaa

Waldiddaan walitti bu’insa namfakkiwwaan asoosamaa yookiin seeneffamaa tokko keessatti qooda fudhatutti walitti bu’iinsi kun sababa garaagaraatiin uumamuu danda’a.Fakkeenyaaf garaagarummaa fedhii ilaalcha fi k.k.f. ta’uu danda’a.Haaluma kanaan asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” waldiddaan haala itti aanuutti dhiyaateera.

I. Waldiddaa Xinsammuu

Asoosama kana keessatti waldiddaan xinsammuu bakka adda addaatti mulateera.Kunis namfakkiin haala isa mudate tokko jireenyaa walqabsiisee of keessatti dhiphatu seeneessaan immoo gadi baasee nutti hima.

“..... Haa ta’u malee namni maqaa guddaa kun of shakka. Jireenya jabeessee shakka. Yeroo of shakku,guutummaan qaama isaa sodaadhaan liqimsama. Baroodaan garuu sodaan isaa keessa keessaa isaatti gadi fagaatee dhikkisa onnee isaa keessaa itti dhaga’ama.....”. (fuula, 5)

Waraabbiin kun yemmuu Baroodaan ofiin of shakku haala keessa jiru amanuu dadhabee shakkiin dhuunfatame sodaatu argina.

...Baroodaan humna dhabee,biyyaa handarraa hanga handarraatti mancaafamee ilaalee jireenyaa fi uumamaa shakkee. Raammoon akka hawaannisaa erga biyya namaatti duulee badiin akkasi jedhee yaade,

uummanni kana caala beela'ee fi yoo waliin ka'ee humna guddaa qabu,yoo ilma namaatti duulee, namni wabii maalii qaba? Gaaffii of gaafate kanaaf deebii gahaa hin arganne....(fuula, 62)

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, Baroodaan waa'ee mancaafamuu qabeenyaa biyyaatiif yaaddoon gaaffii of gaafate deebii ofii deebisuu dhabuudha.

.....Baroodaan halkan dukkanaa sanan siree isaarra ciisee waan kana irratti yeroo dhibba fi isa ol yaada ture. Dhalootni haaraan kanneen aadaa abbootii isaanii fudhatanii eeganii eegsisaani jabeessanii qabani dhaloota dhufuutti dabarsuuf bidiruu jireenyaa Koran, yaadaa fi qalbiidhaan akka fincaan ittilllee irraa adda addaa faca'ani uumaa fi uumaamaa komataa,waan xiqqootti gammadee,xiqqoottis abdii kutataa, akka saree maratuu abbaa guddisee ciniintuu waaqatti quba qabaa toora jireenyaa gadhiisaani jireenya dukkanaatti tarkaanfata jiru..... kana hunda yaadee qalbiin isaa sifeeffachuu didee .(fuula, 87)

Waraabbiin kun yemmuu Baroodaan Waa'ee dhaloota haaraa yaadaan komatuu fi keessa isaatti dhiphatu nutti agarsiisa.

.....Midhaan habaqii qabu dilbii hin ta'u.Gumbii keessatti same bada. Dhaloonni habaqii qabus jabaa hin ta'u,jireenya keessatti same bada! jedhee Oliqaan.....Baroodaan yaada kana yeroo dhibba fi isaa ol yaaduutti hirriba dhabe halkan dukkanni isaa bari'uu didee....sireerraa ciisee yaada Oliqaa fi jaarsoolii qooddate....Dhaloota waa hin baasne keessatti waamamuusaatti gaddee. (fuula 89)

Akka yaada waraabbii kanaatti dhalootni haaraan bu'aa battalaa malee aadaa fi seenaa dhaloota darbee tarkaanfachiisuu irratti kan komatamu ta'uu isaa ibsa.

II. Waldiddaa Namaa fi Nama

Asoosama afaan Qawwee Jalatti jedhu keessattii namaa fi nama jechuun nama fakkiiwwaan dhuunfaa dhuunfaan bakka baay'eeitti yommuu walitti bu'an ni mul'ata. fakkeenyaaf Qana'aa Abbaa Humnaa fi Boroodaa gidduutti waldiddaan sin mo'aa na himatuu uumameera.

Baroodaan farda isaa bitaa fi mirgatti miliksaa haala mijaawaa eegataa ture, yeroo Qanaa'an gara bitaatti akka cillaafkachuu ta'u hanga liphisuu ijaatti hofaa mirmirsee cinaacha keessa buuse.Qanaa'an oo'ee dacheetti dabalame.(Fuula 4). Ilmi Burraayyuu Guutaa waan lubbuu balleessee gumaa koo naaf barbaa...Ittaanan osoo dubbatee hin xumuriin gadooduu

jalqabe. (Fuula 21) Waca sana keessaa namoonni shan ta'an Kumalaa Humnaa eeboo harkaa fuudhanii qofaatti isa baasan. (Fuula, 22)...Gidduutti Kumaalan akka Farda takkaallaa kutatee namoota harkaa utaalee mana seenee dhaabatee Dubartii salphoo kana mana kootii baasaa!. Ani kana booda ishee waliin ciisee ittillee koo hin xureessu. (Fuula, 22-23)

Waraabbii kanaa irraa kan hubatamu Kumalaan Ittaanaa haadha manaa koo wajjin oole jedhee eeboon waraanuufi haadha manaa isaas Eebbisee manasaa keessaa akka baatu yemmu itti dhaadatudha.

“... ija koo duraa deemii! jedheen, deebisee dubbii barbaaduuf waan ta'ef gungumaa ka'ee balbala keessaan cufatee alangaasaa gorrootti luqqifatee, kana booda akkam akka ishee godhee dubbachuun namatti ulfaata”. (fuula, 29)

Waraabbii kanarraa waanti hubatamu Baroodaan sababa Eebbiseerraan kan ka'e Saqqattuu shakkee walitti bu'uu isaaniiti.

“... Ani matta'aa dinaan nama kaayyoo gurguruu miti jedheen Bazzaabbiin,sagalee guddaa dheekkamsa ibsuun. Garuu ragaan jira jedheen Nuguseen waan ta'e waaqarratti barreessaa aariin Bazzaabbii gammachuu addaa isaaf dabalaa jira...”.(Lammii, 2016:190)

Waraabbiin kun kan mul'isu, aangawoonni nafxanyaa Bazzabbii fi Nuguseen biyyaa humnaan kan ofii godhatan irratti walddhabaa jiraachuufi ragaa sobaatiin aangoorraa wal buusanii jiraachuudha.

III. Waldiddaa Hawasaa

Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” jedhu keessatti walddhabbiin hawaasaa fi hawaasa gidduutti bakka baay'eetti mul'ata. Kanneen keessaa akka fakkeenyaatti kan armaan dhiyaateera.

... Qinaaxxiin kutaa isaa ol oolgataa akkaata itti yeroo tokko qomoon Leeqaa fi Jimmaa laga Nageessoo qarqaraatti wal rukutanii walirraa gahan yaadatee gaabbiidhaa hidhii xuuxee.... Isaan nama kudhan nu jalaa ajjeessaan. Nuti nama digdama jalaa ajjeesnee. Sababa gahaa hin taaneen daangaan walitti dabaree dhiigaa walii keenyaatiin harka dhiqannee namoonni maaddii tokko irraa nyaannee dhugaa turree warraa gumaa walitti taanee. (fuula 14)

Waraabbii kanarraa waantii hubatamu hawaasa naannoo gidduutti walitti bu'insi miidhaa hamaa akka geessisuudha.

Yeroo dukkanni gargar saaqamee fixeensii urgufatu, namoonni kumatamatti lakkawaaman kallatti hundaa odaa guddichaa jalaatti walgahaanhedduun isaanii qawwee maskeetoo, eeboo fi gaachana hidhatanii hafuura dhiirummaan waan dirree sana ulaniif halli isaanii nama gammachisa Baroodaa fi Qondaaltoonni uummataa biroon uummata hamma kana yeroo sodaachisaa akkasiitti argachuu isaaniiif hedduu gammadan... (fuula 138).

“.... Nagawoon itti fufe... Har'a kan walitti qabamneef gaaffiiwaan kana deebiisuudha. Gaaffiin kun gaaffii salphaa miti. Gaaffii seenaa duriitii fi gaaffii jireenya keenyaa ammaatti... Dhugaasaan sagalee gootaatiin sirba yeroo dargagummaa ittiin beekamu gadi fudhate”.

Baala Adaamii shaqqoo yaa sariitii

maaf na hin waamiin dhiiroo gaafa xiiqqii...

Itti fufee... Oyiruu keenyaa bulchiinsa nafxanyaa fi jalee isaa dhaalchifnee namummaan gadi cabnee jiraachuu manna duunee biyyoo uffachuu wayyaa ... (fuul 141)

Akka yaada waraabbii kanatti mormiin uummataa bulchiinsa nafxanyaa fi labsii lafa uummataa qoondalootaa fi jalee isaaniitiif dabarsanii laachuu irratti jiraachuudha. Akkasumas uummanni labsii bah mormuun, miira hoo'aan balaaleffataa jiraachuu ibsa.

4.1.5. Kallattii Seeneffama Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti”

Kallattiin seeneffama haala seenaan seeneffama asoosama tokko ittiin dhiyaatuudha. “Asoosama Afaan Qawwee Jalatti” jedhu keessatti seeneffamni dhiyaate kallatti ittiin seeneffamee haala armaan gadiitti dhiyaateera.

“Baroodaan yeroo baay'ee Odaa isaa jala taa'uu jaalata. achii taa'ee karoora baafata. Yaaada kaasee kuffisaa galma mul'ata isaa gahuuf imala”. (fuula 5)

Asirratti waanti hubatamu Baroodaan yommuu taa'ee yaadaan qofa deemuudha. Kun asoosessaan waa'ee seenaa Baroodaa, iccitii isaa hunda kan seenessuudha.

“...Baroodaan guutummaa jireenyaa isaa qajeelfama tokkoon hogganamee nama jabaa fi soodatamaa ta'uu, wantootaatti ariidhaan dhiiga isaa danfisuu fi namoota yartuuf obsa dhabuun amala isaa ta'e, jechaan nama madeessuurra tarkaanfii fudhachuutti ariifata”. (Fuula 8)

Waraabbii kanarraa waanti hubatamu cimina Baroodaan hawaasa keessatti qabuu fi jireenya isaa ittiin hogganuudha.

“... Baroodaa fi hiriyooni isaa ganamaan haamtuu ogeessii qara baaseef fudhatanii ooyiruu Aagaatti bobba'an daboo xaafii haamaatti. Xaafiin Aagaa ooyiruu deebii qotiyyoo lama uwwisee gubbaarraa lagatti fulla'a” . (Fuula 18)

Waraabbiin kan agarsiisuu Baroodaan jireenyaa hawaasummaa keessatti cimina kan hirmaatu akka ta'eedha.

.... Baroodaan ulfina Garbaabaatiif tumaaleessaa guddaa tokko qalee nyaachise. Garbaabaan haala Baroodaa kanatti baay'ee gammade. Galata argadhu gurba! jedheen Garbaabaan Baroodaadhaan ,yeroo dhalootni kun abbootii isaaniitiif abboomuu didanii fedhii isaanii fedhii isaani qofaa bitamana kanatti ati firoomni hagam hunda cimaa akka qabu hubattee dhangaa kana qopheessuu keetiif Waaqayyoo dacha dachaadhaan ulfinaa siif haa kennu. (Fuula, 7)

Waraabbii kanarraa waanti hubatamu Baroodaan nama kabaja beeku, aadaa safeeffatu, hawaasa keessatti jaalatamu ta'uudha.

Baroodaan bariidhaan ka'ee dullacha ateetee qalee moora baasee bakka Saqqattuun teessuutti fidee gateettii isheerr buuse (Fuula 69)... Baroodaan qabeenya guddaa waan qabuuf lafa ba'a humnaan qabatee abba lafaa ta'uu danda'a. Goota Sabaa, Ogeessaa dubbii waan ta'eef qoroo bitatee masaraa isaatti mana murti banatee, yakkamtoota adabee ergamoota heddu ooyiruu isaatti bobbaasee goftaa uummataa ta'uu danda'a. Yoo daandii kana filate Nafxanyaan wiirtuu keenya har'uma harka bal'isee isa simata. Garuu kun mul'ata isaa miti. Baroodaan gooftichi ija Barbadaa, kallacha uummataati. (fuula 89)

Walumaagalatti waraabbiwwan gubbaatti eeraman kunneen ija ramaddii sadaffaa hunda beekiin kan seeneffaman ta'uu nutti agarsiisaniiru. Kana malees amala Baroodaa kabaja aadaaf qabu, quuqama uummataa qabaachuu, qabeenya qabu hawaasaa wajjiin nyaatee dhuguutti nama gammadu ta'uudha ibsa.

Dhiibbaa ijaa seeneffama “Asoosama Afaan Qawwee Jalatti”

Asoosamni kun kan dhiyaate ija seeneffama ramaddii sadaffaa akka ta'e agarra. Dhiibbaa ija seeneffamaa kun seenaa asoosama dhiyaateerratti qabu armaan gadiitti haa ilaallu.

“... Baroodaan nama afaanii miti-nama tarkaanfiiti. kanaaf namoota biratti jaalatama, kanaaf maganfatama, kanaaf abdatama”. (fuula 102)

Yaada kanarraa waanti hubatamu Baroodaan dargaggeessaa Hawaasa keessatti kabajaa fi jaalala guddaa qabu ta'uu fi abdiin hawaasichaa ta'uudha.

...Baroodaan qalbii gartokkoon waa'ee dhaalamu lafaa kan yaadaa ooyiruu isaa keessaa deddebi'ee guboo asaangiraa buqqisaa oolee bunnii danfinaan aara galfachuuf manatti gale. (fuula, 131)Quba harka isaa lamaan hidhirra godhatee yaadaan liqimfamee boquu isaa olii fi gadii sochoose. Qarmammeettiin baball'isaa dhiiga uffatee itti mul'ate. Hoomaan reeffaa nama dhufee akka abjuu wayii fuuldura isaatti walgahe-reeffaa firaa fi diinaa ,reeffaa gita saamtootaa fi kanneen gitootaa kanaan falman, reeffawwaan kan duubaan namichii tokko teessoo guddaa guutee akka tasaa itti mul'ate. Namichaa Aangoof jedhee umurii isaa guutuu of ofii boqatee jiraatu-Kumsaa Morodaa –Gabra-Igzaabeer Morodaa namicha harka mirgaa nafxanyaa ta'ee qomoo isaa saaxila jiraatu mootii maqaa qofaatti hafee. (fuula, 135)

Akka yaada waraabbiin kanaatti Baroodaan dhaalamuu lafa qomootti baay'ee gaddee, sirna kana tarkaanfachiisuu keessatti qomoonumti qomoo dabarsee akka kenneef aangoof jecha namoonni eenyummaa isaanii dagatanii of ta'uu dadhabanii, aadaa, seenaa, duudhaa fi amantii ormaatiif akka lammii dabarsanii kennaan nu hubachiisa. Dubbisaan yaada kana amanee akka fudhatu dhiibbaa kan uumuu akka ta'e hubachiisa. Gama dhiibbaa ija seeneffama kun wa'ee ofiisaa waan tokkollee yeroo dubbatu hin mul'atu dubbachuufis caraan hin kennamneef kanaaf ijii seeneffama ramaddii sadaffaa waan hunda ofuma isaatiif dhuunfate ibsee jira.

4.1.6. Dubbiwwaan Qolaa Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti”

Asoosama kana keessatti dubbiwwaan qolaa adda addaa tajaajila garaagaraaf dhimma itti bahamanii jiru. Dubbiwwaan qola kanneen gosa kam akka ta’anii fi faayidaa maalii asoosamicha keessatti qaban armaan gadiitti qaacceeffamaniiru.

A. Akkasaa/Akkee

Dubbiwwaan qolaa keessaa akkasaan isa tokkoodha. Innis waantoota lama walbira qabuun jechoota “akka fi fakkaataa” jedhuutti dhimma bahuun dhiyaata. Barreessaan asoosamaa “Afaan Qawwee Jalatti” gosa dubbii qolaa kanattii dhimmoota garaa garaa ibsaaf fayyadameera. Dhimmoota itti fayyadamee dhiyeessee akka armaan gadiitti haa ilaallu.

“...Yeroo gaaddidduu Baroodaa ofirratti argu Ittaanaan akka Warabboo Caattoo utaalee bade”. (Fuula, 23)

“...Afaan kee walitti cufi!, jedheen Baroodaan sagalee akka bakakkaa lafa sochoosuun. Kumalaan rifatee walitti shuntuure”. (fuula, 25)

“...Saaqqattuun akka bofa mataa rukutamee daddarbatamaa dhaqxee siree hafte”. (fuula, 28)

“...Cabbiin kooba rirmaa fakkaatee ooyiruu keessaa walirra tuulame. Dirreen hundumtuu lafa gabaan ooltee fakkaata”. (fuula, 58)

“...Kootama jaldeessaa fakkaatte qabeenya namaa saamtaa? Korma sanbataa fakkaata jette dubartiin tokko namoota keessaa”. (fuula, , 71)

“...Bazzabbiin akka bofa mataa rukutanii xarapheessaa jalatti jorgaa jedhee kufe”. (fuula , 199)

Waraabbiwwaan armaan olirraa akka hubannuutti asoosaan dubbii qolaa kanatti gargaaramee yommu waantoota wal bira qabee dhiyeessuu agarraa. Jechoota akka fi fakkaata jedhaniitti dhimma itti bahuun isaa hubanna.

B. Bakka Buusa (Iddeessa)

Barreessaan asoosama kana jalatti dubbii qolaa kanatti dhimma baheera.Kanneenis akka fakkeenyaatti haa ilaallu.

“....Aagaan ba’aa guddaa obbaafatee waan sammuuunsaa boqonnaa godhateef gammadee fuulli ilkaan qofa ta’eera”.(fuula, 20)

Waraabbii kanarraa waanti hubannu gammachuu namicha hagam akka ga’uudha.

“...Saree keessayyuu saree dhaltuun yoo duutee maaltu namatti hir’ataa?...Ittaanaan saree dhaltuudha”. (fuula,, 25)

“...Namni halkan shan guutuu hammatee ishee waliin ciisaa ture sun deebii’ee bofa gammoojji ta’ee ishee idduu kajele”. (fuula,, 27)

“...Gootni dur akka leenca waraanamee ija isaa dhiiga uffisee dinaatti soda naqu ‘ cimmaa qeerrensaa ta’e”. (fuula,, 110)

Waraabbiwwan armaan olii barreessaan ergaa dabarsuu barbade cimsuu mala dubbiitti fayyadamuun isaa ibsa. Akkasumas dubbistootni seenaa asoosamichaa sirriitti akka habatanii fi barruu hawwataa miidhagina keessoo qabu ta’uu isaa mirkaneessu.

C. Nameessa

Barreessaan asoosama Afaan Qawwee Jalatti gosa dubbii qolaa kanatti fayyadamee jira.Fakkeenyaan haa ilaallu.

“.... Yeroo tokko ilmaan hantuutaa maaliif akka boola sagal qotattu gaafatamtee Erga ilmaan adurree tooftaa ittiin nu adamsitu wal barsiiftee baasnee nutis boolla sagalitti miliquu wal-barsiiifnee” jettee deebiste. (fuula, 7)

“...Bosonni Baloo Bareedaa wiirtuu bineensootaatii,...Nafa ofii qoraattiin hube dagatanii mirgaan galuu bahaani harka qullaa manatti deebi’ani galu. Ayyaannii abbaa isaanii dafee isaan hin qanna’u,lafti sabbata hin hiikkattuuf ,garaa itti jabaatti namoota akkasii keessaa hundumaan tokkoodha”. (fuula, 46)

Waraabbiin kun waantoonni nama hin taanee amala namaa uffatanii asoosamicha keessatti ergaa barreessichaa yemmuu dabarsan argina.

D. Arbeessuu (Ukukkubee)

Malli dubbii kun waan ibsuu barbaadame tokko hamma inni gahuun olitti olkaasanii ibsuu of keessaa qaba.

Asoosama kana keessatti bakka muraasaatti ni mul'ata.

Fakkeenya fudhannee haa ilaallu

“...Baroodaan nama jabaadha Hojjaan isaa dheeraa fuulli isaa bal'aadha. Furdinni irree isaa sarbaa ga'eessaa tokkoo tuffachiisa”. (fuula, 4)

Waraabbiin kun guddina fi furdina irraa Baroodaa ibsuuf sarbaa ga'eessaatti fayyadame. Kun dubbii qolaatti fayyadamee ibsuu isaat.

“...Sibila eeboon kun irraa tolfame akaakayyuu isaatu yeroo bakakkaan bu'u eegee aannan re'ee gurraachaa itti dhibaafatee osoo inni lafa hin seeniin jirma mukaa keessaa saaqee baafate. Namni agabuu bulee ol hinkaasu”. (fuula, 50)

Waraabbiin kun eeboon Baroodaa adamoo ittiin adamsuu ulfaataa ta'uu isaa caalatti ibsuuf itti fayyadame.

E. Eemitii (Eeyyeen miti)

Malli dubbii kun baay'inaan barreffama kana keessatti hin mul'atu. Haa ta'u malee barreessaa yaada isaa dubbistootaaf ifa gochuuf ittifayyadame jira. Kunis kana gadiitti dhiyaatera.

“... Waa'een jabinaa fi milkii Baroodaa dhoksa gabaa keessatti. Namni hundumtuu isaa fi abbaa isaa qajeelchee beka. Lamaanuu hojii jaalatu”. (fuula, 54)

Waraabbiin kanarraa waanti hubatamu beekamtii, jabina fi milkii Baroodaa caalatti mul'isuuf jechoota dhoksa gabaa keessatti fayyadame.

F. Anyaarsee

Malli Dubbii kun dogoggora hawaasa keessatti uumamee sirreessuuf yookiin barsiisuu fi karaatti deebiisuuf fayyada.

“...Akkasitti hoomaangalel baheee itti kolfanii, itti tufanii ,itti sirbanii gabaa isa naanneessaa oolan. Ijji gabaa irra buufatee hundumtuu muu! nama keessaa cabi! ittiin jedhu.....”. (fuula, 71-72)

Waraabbii kanarraa waanti hubatamu balleessaan uumamee sun aadaa hawaasaa keessatti hagam jibbamaa akka ta’eedha.

G. Fakkoommii “Asoosamaa Afaan Qawwee Jalatti”

T.L	Fakkoommii	Fuula	Waan Isaan Ibsan
1	Odaa	5	Mallattoo bulchiinsa nagaa fi jaalalaa
2	Coqorsa qabachuu	11	Mallattoo nagaa,abdi,badhadhinaa
3	Xomboora ibsaa qabsiisuu	9	Mallattoo dukkana keessa bahanii booqa birraa ga’uu mul’isa
4	Ulmaayii,daraaraa keelloo coqorsa qabatanii kadhatu	11	Laliisina, gammachuu, abdi mul’isa
5	Ubboo/okkotee/duwwaan yoo karaatti namatti dhufte	45	Milkii gaarii miti. (mallattoo milkii badaati)
6	Lola jawwee adii fi gurraachaa	47	Bara jawwee adiin mo’ee hongeen lafa dhuunfata Bara jawwee gurraachii mo’e gammachuu,badhadhina ta’a.
7	Biqila ilaalu	36	Mallattoo sanyii gaarii fi badaa
8	Qaallu	59	Nama ayyaannii waaqaa irra buufate
9	Hawaannisa	61	Dheekkamsa waaqatiin kan dhufu
10	Ateeteen ayyaana durbaa fi dubartiitii	66	Ayyaana mucaa godhachuu,qabeenya horachuu,nagaan jiraachuutii
11	Hattuu gurri tokko irraa muramee	74	Hawaasa keessatti gocha jibbamaa raawwachuu fi namoonni ilaalanii akka irraa baratan
12	Eeboo gaachana fi albee dhiirri yeroo gumaa kadhatan qabatanii ba’u	77	Meeshaa waraanaa sirna kakuu gumaaf oolan
13	Namoota qaama hir’uu duudaa,jaamaa,naafa,qurcii	77	Namoonni sirna araara gumaa yoo fudhachuu didan rakkoon akkasii nimudata jedhamee amanama.
14	Kallacha		Meeshaa kabajaa fi sodaatama araara buusuuf haqaa eeguuf waaqarraa kenname
15	Bishaan malkaa bule gaaddidduun hin qaxxamuurree	97	Barii subii osoo namni laga hin ce’iin kadhaa araaraa gumaatti deemuu
16	Malkaa	97	Ce’umsa gara nagaa fi araaratti godhamu
17	Guula	97	Nama sirna gumaa keessatti beekamti qabu

4.2. Qaaccessa Asoosama “Galfata” jedhuu Ija Yaaxina Bifiyyetiin

Boqonnaa kana jalatti, qaaccessi asoosama Galfata ‘ Jedhuu kallattiin yeroo jalqanamu cuunfaa asoosamichaa irraa ka’uun, caaccullee asoosamichaa gosa gosatti qoqqooduun Xiinxalameera. Itti aansuun dubbiiwwan qolaafi fakkoommii asoosamicha keessatti dhiyaate ibsi itti kennamuun lafa kaa’ameera. Walumaagalatti kanneen gubbaatti ka’an haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

4.2.1. Cuunfaa Sabseena Asoosama “Galfata” Jedhuu

Haati Raga gadiina Wallagga Lixaa Aanaa Ayirraa Gullisootti dhalattee kanguddate yeroo taatu yeroo Kutaa 8^{ffaa} barattu barsiisaa ishee kanta’e Obboo Dhugumaan dirqisiifamtee gudeedamtee, Ragaafi Raggaasaa ulfootee barumsa ishee addaan kutte. Abbaashee waansodaatteef garaa magaalaa Yuubdootti baddee hojjettuu mana namaa taatee qacaramtee osoo jirtu ijoollee lakkuu Ragaafi Raggaasaa achumatti deesse. Ragaafi Raggaassan hanga umuriin isaanii waggaa 6 (Jaha) ga’utti manuma sanatti guddatan Raggaasaa wajjirri hawaasumman guddifachaan akka Ameerikaa deemu taasi fame Ragaan immoo harmee isaa walin osuma jiranuu, harmee isaa konkolaataan rukutee hospitaa Hayiraatti erga wal’aanamtee booda miilli waan naafateef wiilcheeriin hospitaalichi kenneef. Ragaan umrii waggaa torbaatii kaasee harmee isaatin konkolaataa nama dukkubsataa baatee deemtu (wiil cheerii)oofee magaalaa keessaa naannessuun hojii isaa ta’e.

Haati Raga qaama miidhamtuu taatus ijji dargaggoota hedduu isherra qubata ture. Sababa kanaan dargaggeessi quufan tokko itti deddeebii’ee akka ishee jaalatu ibsuufillee, isheen garuu deebii kennuufi didde. Sababiikanaf Mucaa isee Raga jalaa hatee dhokse. Ragaan ganama daabboo bituuf ergame hanga galgalaatti galuu didnaan haati isaa barbaabdee dhabdee, magaalattii keessa naannooftee boo’aa turte. Sana booda dargaggeessi Gimoo jedhamu fuula dura Sooree dhaabbatee “ yoo mucaa kee argachuu barbaadde, fedhakoo naaf guuti, erga jedhee booda hamartii morma Ragaarra ture fuudhee itti agarsisee kana booda waan gootu waan hin qabneef Sooreen Gimoof fedha isaa guutte ammas lammata ulfoofte, ulfa sana wajjin duute.

Ragaan kana booda ogeessa fayyaa Bashaadaa nama jedhamuun guddifamee mana barumsaa galee kutaa 1-12 achuma Wallagga lixaatti erga baratee booda qabxii Olaanaa fiduun Yuunvarsitiin Finfinnee Araat kiiloo / Daalatti) damee barnoota saayiinsii kompitaraatiin barnoota isaa eegale. Barnoota isaatiin baay'ee cimaa waan tureef argannoo haaraa soofti weerii hamma namni tokko nama jaalatu dhibbeentaan (%) kan mul'isu argatee badhaasa Noobeeliitiif kaadhimamee Ameerikaa Waashingitan Disiitti ergamee badhaasa fudhate. Sirna badhaasaa sanarratti maatiin isa guddisan Obboo Bashaadaafi Haati manaa isaanii Soolaneen kan argaman yoo ta'u, abbaan isa dhalche Dooktar Dhugumaan guyyaa gaafa haadha isaa dirqiin gudeedee mana barumsaati bade kaasee kan iddoon inni jiru hinbeekamne Iskoolaarshiippi argatee dooktara ta'e sirna badhaasaa sanarratti hirmaatee ture. Obboleessi isaa Raggaasaan kan guddifachaa Ameerikaatti kenname sirna badhaasaa sanarratti argamee, Raga faana walarguun gammachuun isaa dacha ta'e. Ragaan bu'aa ba'ii heddu booda miilkaa'ina guddaa argatee, hiri'aa jaalalaa dooktar Si'anaa wajjin walbaranii waliin jiruu kan eegalan ta'uu asoosamichi nutti agarsiisa.

4.2.2. Qaacceessa Caasaa Ijaarsa Sabseenaa Asoosama “GALFATA” jedhuu

Asoosamni tokko caacculee adda addaa irraa ijaarama. Caaccuulleen kunneen walitti dhufanii caasaa asoosamichaa guutuu taasisu, lubbuu itti horu. Seenaan raawwatamu tokko sababaafi bu'aan wal qabata. Haaluma kanaan asoosama “Galfata” jedhu kana guutuu kan taasisse qindoomina caacculee kanaati. Isaanis haala armaan gaditti dhiyaataniru.

i. Ka'umsa

Ka'umsi bakka sabseenaan asoosama tokkoo itti eegaluudha. Haala kanaan Ragaan haadha isaa dirqisifamtee gudeedamterraa dhalatee jireenya isaa waggaa torbaffaarratti balaa konkolaataa ishee mudateen qaamni ishee hir'uu ta'uu irraa kan ka'e wiilcheeriin ishee magaalaa yuubdoo keessa naannessuun kadhatanii jiraachuu itti fufe. “Ragaan utuma wilcheerii sana konkolaachisuu harmee isaa Sooree wiilcheerirratti ilaalee dabartoota biraammoo lafatti argu nigadda. Garuu maalgochuufii danda'aa ofiiyyuu daa'ima; daa'ima harka namaa eegu”. (fuula, 3)

ii. **Oldeemsa**

Oldeemsi seenaan jalqabame tokko gara fuuladuraatti yemmuu tarkaan tafuudha. “Ragaan jireenya haaraa jalqabeera. Erga mana Obboo Bashaadaa Jiraachuu eegalee isaaf yeroon sun akka nama reef dhalatee jireenya dachee jalqabuuti. Jireenya qannoo, ilaalcha gaarii, boqonnaa sammuu, uffannaa gatii jabeessaafi mana barnootaa ----- Ragaan jireenyasaaf wabii argateera”(fuula, 22).

Waraabbii kanarraa akka hubannutti Ragaan jireenya gadadoo, kadhaafi aduu keessa deemuun irraa hafee jireenya fooyyee qabu jiraataa jiraachuu isaati.

iii. **Finiina**

“Ragaan maddii Doo’ii isa akka burtukaanaa sana quba harka mirgaatin qaqqabaa tokkee koo haallin sirraa dubbisaa jiru natti tolaa hinjiru.” (fuula 37).

Warabbii kanarraa Ragaan jaalala Doo’iitiin qabamee kan jiru ta’uufi isheen immoo dhiphina keessa ishee jiru dhoksitee jiraachuudha.

iv. **Sigiga**

“Ragaan Soora gurrasaatii kan ta’e jechoota afaan Doo’ii jaalalleessaa keessaa bahu sanaafi argaashee malee lama bulee hinbeeku. Amma garuu utuu ishee hinargin bultii kudhaafur (14) buleera” fuula 41) Ragaan qoosaa Booninaaf utoo iddoo hinlaatiin irra deddeebi’ee ijasaa laaffisee isa ilaalaa “ Doo’iin dhuguma deemteeyii Boon ? jedhee gaafate ---“ (fuula 45)

“Ragaan turtii daqiiqaa muraasaa booda kaninni barbaade sun dirrisanii amaamota faana sirbaa dhufaniif. harka lamaaniin garaasaa qabatee lafarka wixxifataa jira----“ (fuula 55)

Waraabbiwwan armaan olii namfakkii olaanaan sababa jaalalleensaa isa goowwoomsitee baddeef, aariidhaan tarkaanfii ofitti fudhachuu isaa mul’isa. Kun immoo abdi kutannaa kan mul’isuudha seenaan asoosamichaas gara xumuraatti deemuu ibsa.

v. **Furmaata**

Sabseenni asoosama. “Galfata”. Jedhuu kan furmaafa argate gaafa Ragaan barnoota isaa xumuree badhaasa Noobelii argatee dha

“---- Ragaaf guyyaan har’aa gammachuu addaadha. Obboleessa kan waggoota hedduuf gargarbahani turan gargaarsa Dr. Si’anaan gooteen achuma biyya Ameerikaa kutaa Minisootaa keessatti argamee sirna sanarratti afeeramee jira. Raga fi Raggaasaan akkuma durii wal fakkaatu” (fuul, 99)

Humni callisuu mana sana weeraree ture cabsee kan afaan saaqqate ammas Raga ture. Ijaan ishee ilaalaa, harkasaa mirgaanimmoo afaansaa qabatee sagaleesaa olkaasee” Doo’ii” jedhe ishee waamee boqusaa micciruun deebi’ee gara abbaasaa Dr. Dhugumaa ilaale. Doo’iinisi ijasaa keessaa ilaalu saalfattee boqushee gadi qabdee lafa ilaalte (fuula, 106)

4.2.3. Qaaccessa Namfakkiiwwan Asoosama “Galfata” jedhuu

Namfakkiiwwan namoota barreessaan kalaqamanii seenaa asoosama’ Galfata keessatti qooda fudhataniidha. Namfakkiiwwan kunneenis duree fi xixiqqaatti qoodamu. Isaanis Raga, Sooree, Dhugumaa, Bashaadaa, Soolanee Beenya Booninaan, pirofeesar Guutaa, Dr. si’anaa, dammee. Doo’ii fa’aa yoota’an, Gama iraatinimmoo nam fakkiilee gurguddoon xiyyeeffannoo ilaalcha isaan seenaa sana keessatti qaban irratti hundaa’anii bakka lamatti qooduu dandeenya. Kunis gochi isaan raawwatan gaarii yookiin badaa ta’uu gama goobaangalaassaa yeroo ilaalamuudha

4.2.3.1. Goobaangaleessaa / duree/

Goobaangaleessi asoosama Galfata jedhuu Raga yoo ta’u, dhalatee kan guddate naannoo Oromiyaa godina wallagga lixaa Aanaa Yuubdootti Asoosama Kana keessatti jalqabaa hanga dhumaatti seenaan isaa seeneffamaa kanturee dha. Sseenaan isaa dhalooota kaasee hanga xumura seenichaatti maqaan isaa ka’aa kan tureedha

4.2.3.2. Namfakkiiwwan xixiqqaa

Namfakkiiwwan xixiqqaan asoosamicha keessatti yeroo tokko mul’atanni kan badaniidha. Isaanis gocha goobaangaleessaa kan tumsaniifi kanneen gufachiisan ta’uu danda’u.

Asoosamicha keessatti namfakkiiwan xixiqqoon kanneen akka: Sooe, Dr. Bashaadaa, Doo'ii, Booninaan, Nimoonaa fi k.k.f maqaa dhahamaniiru.

4.2.4. Yoomeessa

Yoomessa jechi jedhu yeroo fi bakka of jalatti hammata. Kunis yeroo fi bakka namfakkiiwwan seenaa adda addaa itti raawwatan kan mul'isuu dha. Yoomeesii asoosama “Galfata” jedhuu haala armaan gadiitiin qaaceffameera

a. Yeroo

Yeroon kutaa yoomessaa keessaa tokko ta'ee kallattii fi al kallattiin kan mul'atuudha Asoosama “ Galfata” keessatti yeroon kallatti fi alkallattiin ibsameera. Fakkeenya fudhannee haailaallu.

“----- Guyyaan saa guyyaa Jimaataature. Barnoota wayitii dhumaa barannee yeroo fixnu akkan waajjirasaatti barbaadamu natti himee adeeme Anis tole jedheen duukaa bu'e -----
“Fuula, 6)

“ Barrisaa bara 2003 AL.H Ragaafis magaalaa Finfinnee haaraa waanta'eef Obboo Bashaadhaan yuunbarsiititti isa geessanii erga waan hundaa toora qabsiisanii booda biraadeebii' an” (fuula 74)

Waraabbii kana keessatti yoomeessi yoom akka ta'e ifatti lafa kaa'amee jira. Kana malees haala yeroo jedhame sana keessatti mul'atee fi gochaalee raawwataman wajjin walqabsiisee mul'isuuf kan yaalame ta'uu ibsa.

b. Bakka

Seenaan asoosama kanaa bakka adda addaatiin waal qabata. Isaan keessaa muraasa fudhannee haa ilaallu “ yeroo maqaan magaalaa Ayiraa kaafame, maqaan Gullisoo, yuubdoo jedhamus biraa hin hafu” (fuula, 2)

“Hospitaalli xiqur Anbassaa Finfinnee , dhukkubsattootaan guutamteetti. Baay'ina ogeessaa caalaa dhukkubsataatu itti heddummata. Hunduu waljala qaxxaamuruun lafa dhimmasaatti

fiigata. Ragaan Hospitaala Ambootti yaalamuu akka hindandeenye mirkanaa'ee rifeeriin gara hospitaala xiqur Anbassaatti barraa'eef" (fuula,87)

Keeyyatootni armaan olii lamaan bakka seenaan asoosamichaa'itti raawwatame adda baasani, ibsuu danda'aniiru. Akkasumas barreessan bakkeewwan garaagaraatti gochaawwan raawwataman haala miidhagina qabun jechootaan miidhaksee agarsiisuuf yaaluun isaa ija yaaxina bifiiyeetiin miidhagina keessoo barruu agarsiiseera.

4.2.5. Waldiddaa

Asoosama " Galfata" keessatti waldiddaan namaafinamaan xiinsammuu fi hawaasaa mul'ateera. Isaanishaala kanaa gadiitti haailaallu.

A. Waldiddaa xiinsammuu

Asoosama kana keessatti waldiddaan namaafi sammuu isaa bakka baay'eetti mul'ata kunis yeroo namfakkiin haala isa mudate jireenyasaan walqabsiisee ofkeessatti dhiphatu seenessaan ammoo sana gdibaasee nutti hima.

Sooreen imimmaan lolaasuun alatti hamaa dubbachuu hindandeenye. Rakkooshee eenyutti dubbatis, seera isa kamitti haa himatturee? Seerri biyyichaa hoo warra aanga'ootaaf, warra abbaa qabeenyaaf malee hin hojjetu isheenimmoo qabeenyas hin qabdu. Namoonni imimmaan fuula sheertaa yaa'u yeroo argan waanisheen kadhaaf boossu se'u Garuu dhibeeshee dhibee dhugaafi, dhibee bilisummaa dhubuuti (fuula, 17)

Har'as yaadasaa waliin haasa'a waan na dhoksite qabdi malee Do'iinkoo callistee imimmaanshee hin dhangalaastu .Iccitiin imimmaan sanaa Jaalalakoo qofaaf jedhees hintilmaamu. Jechuun of itti erga guungumeen booda ammammoo ofumasaa "lakki Doo'iinkoo waan nadhoksite qabdi jedhee hin yaadu. Kan ishee boossies jaalaluma dhugaa naaf qabdu sana ibsachuuf imimmaan mallattoo godhatte malee hamaaf miti; jechuunimmoo haamilee jaalalasaa xuqata--- (fuula 41)

Keeyyatoota lamaan armaan olii keessatti Sooreefi Ragaan ofuma isaaniitiif icciti ofii wajjin yemmuu dhiphatan, yemmuu murtii kennan, yemmuu ofiin morman argina. Kun ija yaaxina bifiiyeetiin yemmuu xiinxalamu barreessaan ergaa dabarsuu barbaade dhoksee, dubbisaan akka tilmaamuuf carraa kunnuu ibsa.

B. Waldhabbii namaaf namaa

Asoosama kana keessatti wal dhabbiin namaafi namaa bakka baay'eetti mul'ata. Isaan keessaa muraasa yoo ilaallu

“---Ammas taanaan waanti ati qalbeeffachuu qabdu akka eda galgalaa na miliqxee qorra keessa na joorsaa bulte seetee, har'as yoo na miliquu yaalte morma keesirraa kutee akkan carroqa keessa buusu bari----- (fuula,16-17)

----Narraa ka'i! narraa ka'i adaraa uumaakee yoo obboleetii dubaraa manaa hin qabdu ta'e safuu harmee sideesseef jedhiitii narraa ka'e maaloo! Jettee sagalee garaa nama nyaatuun isa kadhachaa jirti. Beenyangaroo, irreessaa isa Ispoortiin roga itti baase sanaan sireerratti gadi ishee ukkaamsaa harka bitaanimmoo uffatashee irraa baasuuf ol harkisaa jira (fuula 55)

Waraabbiwwan kanarraa waanti hubannu namootni yeroo faayidaa dhuunfaa (fedha isaanii) guuttachuun nama biraarratti dhiibbaa geessisaniidha.

C. Waldiddaa Hawaasaa

Waldiddaan kun kanuumamu yeroo gochi namfakkii tokkoo aadaa, duudhaa, seenaafi haala waliin jireenya hawaasaa tuquudha. Asoosama. Galfata keessattis yeroo dhiibbaan akkasii mudatu ni mul'ata

--Beenyaan Nimoona tuttuqee ilaale lubbuun keessaa godaanuushee diilallaa'uu naannoosaatiin mirkaneeffatee obsuu dadhabe. Uuuuu-----' jechuun iyya kuukkuu buuse. Iyyasaaf kan birmatu dhibus poolisoonni wal caccabsaa manichatti nam'an isaanis iyya Beenyaaf furmaata ta'an otoo hin taane iyyasaaf reebichaan deebii deebisaniif. Reeffa Nimoona fudhatanii gadi bahan. Beenyaan qofaasaa taa'ee harqa; ni boo'a, ni hirqiffata, wayyoo Oromummaakoo wayyoo Oromummaakoo siif hiriya biraa hafne, siif gadheen ilkkaan nutti yaafatte, siif kadhattuun afaan nutti barte--- (fuula. 69)- Fardaan loluun aadaa Oromooti. Oromoon fardaa lola fardaan fuudha. Walumaagalatti fardi Oromoof Maallattoodha jechuun ni danda'ama. Namni guyyaa gaafasii Carroomee uummata Amboo faana hiriirees kana dhugaa baha. Jaarsaa jaartii, xiqqaa gudda, wallaalaa fi beekaa kamiyyuu osoo hin hafiin tokkummaa gaariin daan diin kallattii maraan cufamee dinarra dafqa kutaa jira. Waraanni mootummaa warri kompaasiin jireenyaa harkaa bades uummata wabii

*dhaabbachuufi qaban daangaa shaabiyaa itti fakkaachuu hin hafne.
(fuula.81)*

Waraabbiin armaan olii waldiddaa uummata Amboofi waraana mootummaa gidduu jiru kan mul'isuu dha. Waldiddaan kun waldiddaa hawaasni garee gareen taasisuu mirkaneessa. Kana malees barreessaan haala jiruufi jireenya uummataa keessatti akka ofilaallu fi furmaata barbaadnu nutti agarsiisuu danda'eera.

4.2.6. Kallatti Seeneffamaa

Kun kallattii seenaan sun ittiin himame mul'isa. Haaluma kanaan asoosama" Galfata' Kan seenesse ija seeneffama ramaddii sadaffaa ta'u hubanna. Sababni isaas seenefamni sun yeroo dhiyaatu bamaqaa inni isheen, isaan jedhanitti fayyadamuu dhiyaate. Dubbii nama ramaddii tokkoffaa immoo waraabii keessaa kaa'uun gabaasa. Seeneffamni kun ija ramadii sadaffaati sababni isaas namfakkiiwwan akka Ragaa. Raggaasaa Doo'ii akkasumas Dammee, Nimoonaa faa tokko tokko bakka isaan ga'an seenessuun xumura isaanii mul'isuuf yaaleera. Fakkeenyaaf waraabii tokko fudhannee haailaallu. Beenyaan erga sireerratti lafa dhahee kurruufee rafuun alatti qaamassaayyuu hin beeku" Lalisaa, (2016:43). Waraabbiin kun ramaddii sadaffaa isa ta'uu ibsa.

4.2.7. Dubbiiwwan Qolaa

Asoosama kana keessatti barreessaan yaada ibsuu barbaada jechootan duubadhoksee mul'iseera. Haaluma kanaan gosoota dubbii qolaatti fayyadameera. Dubbiiwwan qolaa barreessaan itti fayyadame keessaa muraasa haailaallu.

a. Akkasaa

--- Gaafa will cheeriin koo najalaa caccabdemmo akka bofaa foqoqeen lubbuu waaqni na keessa kaa'e soora, jettee garaisaa ilaalte" (fuula, 11)

“—Ragaan maddii Doo'ii isa akka burtukaanaa sana quba harkaasaa Mirgaan qaqqabaa--“
(Fuula, 37)

Beenyaan aarii keessasaatti akka ramacii isa gubu sana obsaa sagalee laafaan---(fuula, 40)

“Ragaa --- Baroonni anaafi atiwaliin dabarsine hundumtuu akka damma birraa mi’aawuu turanii” (fuula, 50)

Waraabbiwwan armaan olii barreessaan mala dubbii akkasaatti fayyadamee ergaa dabarsuu barbaade sanatti human gochuu isaa hubanna. Barreessaan miidhagina barruu fi ergaa dabarsuu barbaade dubbistoonni nuffii tokko malee akka hubatan gochuu isaa mirkaneeffanna.

b. Iddeessa

Barruu kana keessatti barreessaan waan tokko bakka waan biroo buusee yookiin waanuma sana taasisee waamuun hiika duuba dhoksee mul’isa Isaan kanas fakkeenyaan armaan gaditti haailaallu

“Daandima uummati keenya ofedhe ittiin jedhuyyuu konkolaatni deddeebi’uun albuuda kana waraabessichaaf geejiban caccabsanii balleessaa jiru. Amaaktoonni kun sammuu albuuda keenya saamuu malee samuu biyyattif yaaduu hin qaban--- silaas maliree, kanniisa waabeerraa akkamiin damma eegatu.” (fuula,3)

“--- Ani Damme baay’een jaaladha guyyaa tokkoofillee ishee of biraa dhabuun anaaf du’a, isheen garuu nagattee simbira taa’e. (fuula,66)

Akka yaada waraabbi kanaatti barreessaan Dammeen isa gattee deemuu ishee ibsa. Barreessan keeyyattoota lamaan armaan olii keessatti dubbii qolaa fayyadamee dhaamsa dabarsaa jiraachuu habanna.

c. Namoomsa (Namee)

Barreessaan asoosama kana keessatti amalaa fidandeettii dhala namaa waantoota biroo gonfachiisuun dhiyeesseera.

“Ragaan turtii daqiiqaa muraasaa booda kan inni barbaade sun dirrisanii amaamota faana sirbaa dhufanif” Fuula 55) waraabbiin kun du’aaf amalaafi gocha dhala namaa kennuun itti fayyadamera.

d. Fakkoommii

Fakkoommiiwwan waan waa tokko bakka bu'uun mallatteessaniidha Asoosama kana keessatti fakkoommiin adda addaa dhimmoota garaa garaa mallatteessuuf dhimma itti bahamaniiru

“ Akkuma yeroonis tarkaanfataa adeemtu gurraachi rifeensa mataa ofiis turtii lafarra bubbuluun gara haarritti jijjiira ma” (fuula,33)

Waraabbii kana keessatti rifensi gurraachi gara haarritti jijjiiramuun umuriin buluu yookiin dulloomuu ibsa.

“--- Namni qalbii guutuun boca adda marfata kara irratti saramee jiru ilaalees waa tokko shakka. Innis akkas xuwwee ykn gaanii bishaan oljaajjee dhaabtau Jawwee ykn bofti gurguddaan afurimmoo kallattii arfan magaalatti marsanii jiranin as bahuun xuwwee kana keessaa bishaan soorachaa jiru” (fuula, 6)

Waraabbii kana keessatti bofti gurguddaan ykn Jawween mallattoo hammeenya yookiin gara jabina kan mul'su ta'uu dha. Akkasumas konkolaattonni kallattii arfaniin magaalattii seenan kan uummaticha saamuuf dhufan ta'uu ibsa.

“Eeyyee ifaa fi dukkunni garaagara. Ifni harka caalu kan garraamiiti dukkannis akkasuma budaaf tola. Kanaaf Oromoon ifa jaalata. Kanaaf waan raawwatus ifaan godha.Kanaaf, yeroo lafti ifu loon dallaatti galchee qabeenyasaa hunda erga manatti sassaabbatee booda,ofiisaas ciisee dukkana safeeffata.” (fuula,1)

Waraabbii kanarraa waanti hubatamu ifaafi dukkanni walfaana kan deeman ta'anillee ifni qajeeltummaa yoo ibsu, dukkanni immoo kan bineensotaati;kan warra jallina hojjetanii ta'uu dha.

“Fardaan loluun aadaa Oromooti .Oromoon fardaan lola;fardaan fuudha.” (fuula,81)

Akkuma waraabbii kanarraa hubatamutti fardi mallattoo Oromoon ittiin beekamuudha;gootummaa ibsa.

“Itti aansuun immoo namoota dhimma badhaasa ‘Noobeelaa’ keessa hojjetan lammii gurraachis adiinis maatiisaanii faana Ragaafaa duubaan taa’aa jiru. Badhaasni warqee bifa Odaarraa bocamee halaalatti calaqqisus fuuldurasaanii qodaa isumaaf qophaa’e keessa taa’ee mul’ata.” (Fuula, 99)

Asirratti waanti hubatamu badhaasni “Noobeelaa” Nageenya, guddina kan mallateessuudha. Warqeen bifa Odaan bocamee calaqqisu immoo gammachuu badhaadhina, lalisina. Wal jaalaalaafi nageenya itti fufiinsa qabudha.

Fakkoommii Asoosama Galfata

	Fakkoommii	Fuula	Waan jechuu barbaade
1.	Dukkana	1.	Jallina,
2.	Ifa	2.	Qajeeltummaa garraa mummaa
3.	Wiil cheerii	15.	Teesoo namoonni of hin dandeenyeef qophaa’e of dadhabuu hirkannaa/tumsa
4.	Rifeensa mataa adiifi gurraacha	33	Umrii ijoollummaafi dulluma (bulleessumma
5.	Jawwee yookiin bofa gurguddaa	61	Hammeenya (summii) gara Kutemya
6.	Fardaan loluu	81	Mallattoo gootummaa
7.	Badhaasa Noobeelaa	80	Nageenya. Beekamtii injifannoo
8.	Badhaasa warqee bifa Odaan bocame	99	Nageenya, Badhaadhina jaalala sirna bulchinga Nagaafi dimokkaasii

4.2.7. Dhaamsa Asoosamoota Filatamanii

Dhaamsi ergaan lafee dugdaa asoosama tokkooti. Barreessaan asoosama tokko yemmuu barreessu dhaamsa lergaa dabarsuu barbaade giddu galeessa godhata. Kaayyoo barbaade bira ga’uuf tooftaa fi mala garaagaraatti fayyadama. Kunis dhaamsa dabarsuu barbaade sanatti human gochuufi dubbisaan ofii saatiin barbaadee akka argatu gochuufi. Akka waliigalaatti asoosamootni filatama lachuu demmuu xiinxalaman ergaa/dhaamsa armaan gadii qabaachuu danda’u jedheen amana.

- Namni tokko hawaasa keessa jiraatu biratti amanamummaa qabaachuu akka qabu hubachiisa
- Rakkoo uummata keessatti uumame tokko furuuf carraaqqii gochuun hawaasa keessatti jalatamum maafi kabaja namaaf kennisiisuu
- Jireenya hawaasaa keessatti nammoonni lammummaa adda addaa qaban waliin yemmuu jiraatan rakkoon tokko yoo mudate durse kan qaqqabu lammii ofii ta'uu
- Roorroo uummata Oromoorra bara dheeraarraa kaasee qaqqaa baa tureefi saamicha qabeenya uummata Oromooratti raawwatamaa turee mul'isuufi dhiibbaa afaan, aadaa, eenyummaa dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa ga'aa ture kan hin dagatamne ta'uu hubachiisa.
- Namni tokko rakkoon hamma fedhe yoo isa mudattellee abdi kutuufi duubatti deebi'un barbaachisaa akka hin taa'e akeekkachiisu.

4.2.8. Hariiroo Asoosamoota' Afaan Qawwee Jalattii fi Galfataa.

Asoosamootni filatamanii qorannoon kun irratti gaggeeffame asoosamoota Lammii Beenya fi Lxalisaa Iindiris Adamiin kalaqamaniidha. Asoosamoonni kunneen adda addummaafi wal fakkeenya ni qabu wantootni asoosamoonni kun ittin wal fakkaatanii fi adda adda ta'an akka armaan gaditti haailaallu

Caasaan ijaarsa asoosamoota kanneenii adeemsa keessa darbe qaba. Asoosamni "Afaan Qawwee Jalatti" asoosama dheeraa yoo ta'u caasaan ijaarsa isaa irra caalaatti goobaan galessa irratti kan xiyyeefateedha. Kunis baniinsaa kaasee hanga furmaataatti guutumaan guutuutti goobaangaleessarratti xiyyeefate. Asoosama Galfata keessatti garuu goobaan galeessarratti kan xiyyeefate ta'e namfakkiiwwan xixiqqoollee darbee darbee hammachiiseera. Asoosamoota lachuu keessatti namfakkiiwwan xixiqqoon ni mul'atu. Isaan mul'atan kunneen yaadaafi gocha goobaangaleessaa kan tumsaniifi kan morman ta'uun dhiyaachuun isaanii walfakkeenya asoosamoota kanneenii ibsa.

Akkaataa fakkoommiin itti dhiyaatan asoosamoota kanneen keessatti wal fakkeenyaafi garaa garummaa qabu. Asoosam “Afaan Qawwee Jalatti” keessatti fakkaattiin goobaangaleessa tokko ta’us fakkaattonni xixiqaan garaa garaa kan argamaniidha. Galfata keessattiis haaluma walfakkaatuun kan dhiyaateedha.

Asoosamni tokko yoomeessa mataasaa ni qabaata. Akkasuma asoosamoota ‘Afaan Qawwee Jalatti fi Galfata’ Keessatti yeroo fi bakkeewwan garaa garaa bal’inaan ka’aniiru.

Asoosamoonni filataman kun lamaan ija ittiin dhiyaatan qabu. Afaan Qawwee Jalatti kan inni ittiin dhiyaate ramaddii sadaffaa hunda beekaa murtaa’aan yoo ta’u ‘Galfata’ keessatti ramaddii tokkoffaa kaassee waliin dhahee jira. Irra caalaatti garuu ija ramaddii sadaffaa hunda beekaa murtaa’aan dhiyaate. Kanneen ramaddi tokkoffaan dhiyaatanis waraabbii keessa kaa’uun ibsuuf kan yaalameedha.

Asoosamoota kanneen keessatti dubbiiwwan qolaa garaa garaa ni argamu Asoosamoota Lamaanuu Keessatti dubbiiwwan qolaatti fayyadamuun barreessaan dhimmoota garaagaraa ittiin dhiyeesse jira. Asoosamoota Lamaanuu keessatti dubbiiwwan qolaa baay’inaan ni mul’atu. Isaanis Akkasaa, Iddeessa, Namee Namoomsaa fik.k.f. Yoo ta’u kanneen hafanitti darbee darbee dhimma baheera.

Walumaa galatti asoosamoonni lamaanuu kanneen Lammii Beenya fi Lalisaa Indiris Adamiin Kalaqaman. Gama gara garaan wal fakkeenyaafi garaa garummaa qabaachuu isaanii nutti mul’isa. Haaluma walfakkaatuun asoosamootni lachuu ija yaaxina biffiyyeetin yemmuu qaaceffaman ulaagaalee barruun tokko guutuu qabu, gama itti fayyadama afaanii, qindoomina jechootaafi himoota, walta’umsa dubbilee qolaa fi fakkoommii mala barruu, akbarruu tiin yoo ilaalaman miidhagina gonfatanii kan mul’ataniidha. Akkasumas barruuwwan kalaqaa kunneen dubbisaan osoo hinnuffiin dhaamsa asoosamoota bira akka ga’uuf barreessaan itti yaadee kan qopheesse ta’uu hubanna.

BOQONNAA SHAN: GOOLABA CUUNFAAFI YABOO

5.1. Goolaba

Boqonnaa kana jalatti yaadoleen ka'an yaadaolee boqonnanwwan qorannichaa keessatti ka'an hunda cuunfuudhaan bakka itti dhiyaatuudha. Akkaataa kaayyoo gooree qorannichaatti qabxileen armaan gaditti ibsaman yaada boqonnaa tokko keessatti ka'aniin kan walsimateedha.

- ❖ Haaluma Kanaan gama caasaa sabseenaa asoosamoota lamaanii ilaaluuf kaayyeffatameen, ijarsa isaanii keessatti. Baniinsa, oldeemsa, finiina, sigisaafi furmaata isaanii argamaniiru. Haata'u malee asoosomoota kunneen keessatti akkuma ciminni jiru darbee darbee hanqinnis ni mul'ata

Ciminnisaa- caasaan asoosamoota lamaanituu haala yaadameen jalqabamee hanga xumuraatti deemuuf yaaleera.

Gama hanqinaatiin yoo ilaallu bakka tokko tokkotti dogoggora qubeefi caasaa himaa keessatti irra deddeebiin jiraachuu dha.

- Kaayyoon biraa akkaataa namfakkiiwwan asoosamoota kunneen keessatti mul'atan adda baasuuf kan ka'e yoo ta'u haaluma Kanaan namfakkiiwwan asoosamoota kanaa goobaagaleessaafi xixiqqoon argamanii jiru. Kan asoosama "Afaan Qawwee jalatti" yoo ilaalle goobaangaleessi asoosamichaa Baroodaa Baarooti namfakkiiwwan xixiqqoon kanneen akka Saaqqatuu, Lammeessaa, Larbaaban Abdiisaa, Baaroo Labataa, Hiikaa, Hirkoo. ITaanaa, kumalaa, Abbaa Firan, Abbaa Gochii, Nagawoo, Deetii, Waajjiraa Uumee, Oliqaa Mardaasaa, Daargee, Abagaaz, Alaqaa Asiras, Bultum, Nugusee, Dhugaasaa Bazzaabbii, Kumsaa Morodaa, Haadha Tiguu, koloneen Issuubaaloo, Imparar Haila Sillaasee, yoo ta'an, Gobaanagaleesssi asoosama "Galfata" Ragaa dha. Namfakkiiwwan xixiqqoon, Sooree, Dammee Soolanee. Dr. Si'anaa, Gimoo, Bashaadaa, piroofessar Guutaa, Boonnaan Nimoonaafaa ti.

Haata'u malee ciminaafi hanqina mataasaatii ni qaba.

Cimina yooilaalle namfakkiwwan uumaman qooda isaanii akka bahaniif tattaafiin garaagaraa akka jiru ni mul'ata.

Hanqina yoo ilaallemmoo asoosama lachuu keessatti goobaangaleessi jalqabaa hanga dhumaatti mul'achuu osoo qabuu yeroo tokko tokko bade seenaa sana addaan kuta. Kunimmoo walqabatinsa irratti rakkoo ta'a jechuudha.

- Kaayyoo inni sadaffaan asoosama kanneenii yoomeessa asoosamoota lamaanuu keessatti argaman ilaalu yoo ta'u, bakkeewwaniifi yeroon gochaaleen asoosamoota kana keessatti mul'atan haala ifaa ta'een kaa'amanii argamu.

Haaluma Kanaan yoomeessa asoosama “Afaan Qawwee Jalatti yoo ilaallee; Naannoo Oromiyaa godina wallaggaa Bahaa Leeqaa Naqamtee, Baddaa Horroo, Bosona Baloo Bareeddaa, Laga Angar, Magaalaa Naqamtee, Horroo Guduruu, Yeroo ta'u, yoomeessa asoosama “Galfata” keessattimmoo bakkeewwan ka'an keessaa naannoo Oromiyaa dhiyaa Ayiraa, Gullisoo, Innangoo, Naqamte, Ambo, Finfineefaa maqaa dhaamaniiru. Ciminaafi hanqinas kaafnee yo ilaallu: Asoosamni 'Galfata' bakkeewwan garaagaraatti gochoonni garaagaraa itti raawwatan ibsamuu yaalameera. Haaluma Kanaan goobaangaleessi asoosama kana naannoo Oromiyaa magaalaa Gullisoo hospitaala Ayiraatti dhalatee achumatti guddate barnoota isaa hanga kutaa kudhalamaatti magaalaa Innaangootti erga xumuree booda, yuunvarsitiiti Finfinnee Araatkiiloo galuun barnoota isaa saayinsii kompitaraatiin baratee xumuree argannoo haaraa waan argateef badhaasa Noobeelaa argate. Haaluma kanaa haalli goobaangaleessa asoosamoota lachuu keessatti sirriitti ibsameera.

- Kaayyoon isa itti aanu yoo kallattii haala ija seenefama asoosamoota lachuu maal akka fakkaatan ilaaluudha.

Haaluma Kanaan asoosamoonni lachuu ija seeneffama ramaddii sadaffaa hunda beekaa murtaa'aa akka ta'e argameera. Sababni isaas waa'ee namfakkiilee tokko tokko gocha isaanii nu hubachiisuun seenessee xumuree jira. Kunis namfakkiwwaniif carraa kennuu dhiisuun akka hanqinaattiini dhiyaateera.

- Kaayyoon inni biraan kan ilaalamuu barbaadame dubbiiwwan qolaa fi fakkoommii asoosamoota lachuu keessatti argaman adda baasuu yoo ta’u. haaluma Kanaan dubbiiwwan qolaa kanneen akka Akkasaa, Iddeessa, nameessa, Habalakaa fi fakkoommiifaa argamaniiru. Haaluma Kanaan asoosama Afaan Qawwee Jalatti keessatti dubbiiwwan qolaa haalaan fayyadameera. Asoosama ‘Galfata’ yoo ilaallu garuu dubbiiwwan qolaa hamma barbaachisu kan hinfaydamne ta’uun hubatameera.

Qorannoo kana keessatti Asoosamoota lammii Beenya fi Lalisaa Indiris Adam. “Afaan Qawwee Jalatti” fi “Galfata” yaaxina bifiiyyeerratti hundaa’uun maal akka fakkaatan kan qaaceffamaniidha. Qorannoon kun asoosamoota lamaan keessatti ulaagaalee yaaxina bifiiyyee bu’ureeffachuun caasaa ijaarsa sabseenaa, namfakkiiwwan, Yoomeessa, waldiddaa, ija seeneffamaa fi dubbiiwwan qolaa akkasumas fakkoommiiwwan kan qaaceffamaniidha.

Asoosama “Afaan Qawwee Jalatti” Keessatti akkaataan ijaarsa sabseenaa ka’umsaa hanga furmaata isaatti kan walsimatuudha. Goobaangaleessi isaa Barooda akka ta’eefi namfakkiiwwan xixiqqoon biroos akka jiraniidha. Yoomeessi asoosama kanaas naanno Oromiyaa godinaalee Wallaggaa irratti kan xiyyeeffateedha.

- Kaayyoon itti aanee akka ilaalamu barbaadame waldiddaadha.

Waldiddaan asoosamichaas namaafi nama, namnuma tokko yaada isaa wajjiniifi waldiddaa hawaasaa kan of keessatti hammateedha. Ijji seeneffama asoosama kanaa ija kallattii sadaffaa akka ta’eefi gosa dubbiiwwan qolaa asoosama kanaa akkasaa, iddeessa nameessa, arbeessuu, habalakafaa akka ta’an qorannoon kun bira gaheera.

Asoosama “Galfata” caasaan ijaarsa sabseenaa isaa baniinsaa kaasee hanga furmaataatti kan wal simatuudha. Fakkaattiin goobaangaleessaa haalli ittiin dhiyaate jalqabaa hanga dhumaatti kan rakkinaan guuteefi fakkaattiiwwan xixiqqoon adda addaas kan argamaniidha. Yoomeessi asoosama, kanaas akkaataa walsimuun kan dhiyaateefi ijji ittiin seeneffame ija ramaddii sadaffaa hunda beekaa akka ta’eedha. Dabalataanis dubbiilee qolaa kan akka akkasaa, nameessa Iddeessafaa akka ta’aniidha. Akksumas waliddaan namfakkiiwwan gidduutti haala walsimuun kan dhiyaate akka ta’e qorannoo Kanaan eerameera.

Kaayyoon biraa akka ilaalamu barbaadame walfakkeenya fi garaagarummaa asoosamoota filataman lamaan gidduu jiru yoo ta’u, asoosamoonni filataman lachuu kan maxxanfaman bara 2016 ta’uu, caasaan ijaarsa sabaanaa, haalli kalaqqii namfakkiiwwanii, haalli yoomeessa isaan itti dhiyeessan, qindoominni seenaa isaan asoosamoota keessatti dhiyeessan, haalli waldiddaan itti uumame walumaagalatti adeemsa asoosama tokko asoosama jechisiisu hunda irratti walfakkeenya kan qaban yemmuu ta’an, gama garaa garummaa asoosamoota kanneen gidduu jiruutiin immoo asoosamni Afaan Qawwee Jalatti jedhu boqonnaalee digdamii tokko fi fuula dhibba lamaafi sdhan kan qabu yoo ta’u, asoosamni “Galfata” jedhummo kutaalee torbaafi fuula dhibba tokkoo fi shan qabaachuu, akkasumas, asoosamni “Afaan qawwee jalatti dubbiiwwan qolaafi fakkoommiitti baay’inaan kan fayyadame yoo ta’u “Galfata” keessatti garuu muraasni qofti argamuu, gama biraatiin immoo namoota /barreessitoota adda addaatiin barreeffamuun ga raagarummaa asoosamoota fialtaman gidduu jiruu ta’uun hubatameera.

Walumaagalatti asoosamoota lamaan keessatti caasaan ijaarsa sabeenaa, namfakkiiwwan, yoomeessa, waldiddaa, kallattii seeneffamaa, dubbiiilee qolaafi fakkoommiin itti fayyadame qorannoo kana keessatti kaa’amaniiru. Akkasumas hanqinni gama dogoggora qubee fi caasaalee himaa akka jiru qorannoo Kanaan bira gahameera.

5.2. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa, asoosamoota “Afaan Qawwee Jalatti” fi “Galfata” yaaxina bifiyee bu’uura godhachun qaaccesuudha. Haaluma Kanaan asoosamoota kanneen keessatti qabxileen adda addaa ilaalamaniirujira. Kunis barruu kalaqaa kanneen keessatti haala caacculeen asoosamootaa itit qindaa’an, keessattu seenaa, namfakkiiwwan sabseenaa, waldiddaa, kallattii seeneffamaa dubbiiilee qolaa, fakkoommiifi dhaamsa asoosamootaa barruu keessaa baasuun addeeffamaniiru. Kanas, jechoota bifa walaloo fi hololoon qindeessee dhiyeessee jira. Dabalataanis miidhagina barruu waliin walqabatee filannoo jechootaa, walitti fufiinsaa yaadaa, duraa duubummaafi itti fayyadama dubbilee qolaa akkasaa, iddeessa, nameessa, habalakka, eeyyee mitii waliin walqabsiisuun yaadonni kalaqa sammuu barruu asoosama “Afaan Qawwee Jalattifi Galfata:” keessatti akkamitti akka walsimataniifi qindaa’an fakkeenya adda addaan ibsamaniiru.

Dabalatan, hojii ogbarruu kana keessatti haala walii gala xiinxalameen cimina fi hanqina barruu asoosamootaas lafa kaa'ameera. Kunis qindoomina seenaa, haala kalaqa namfakkiiwwan dhimmoota bakka bu'an sana wajjin walqabaachuun, ijaarsi caassaa sabseenas ka'umsarraa kaasee hanga furmaataatti bifa qalbii namaa hawwatuun qindaa'uun akka ciminaatti ilaalamaniiru. Kana malees dubbiiwwan qolaa adda addaa fayyadamuun haala hawaasaa duudhaa, aadaa, siyaasaa fi waan kana fakkaatuun walqabachuun cimina qorannichaati. Akkasumas barreessitootni akkaataan isaan ergaadabarsuuf jechootaafi himootatti fayyadaman kandubbistoota ofitti hawwatan ta'uun.

Gama birootiin barruu asoosamoota kanneen keessatti waantootni akka hanqinaatti mul'atan dogoggora qubeessuu irra deddeebii yaadaa fa'i. Walumaagalatti yoo ilaalamu hojiin barruulee kalaqaa kunneenii ulaagaa ogbarruu hunda guutuu baatus hojii miidhagaadha jechuun ni danda'ama.

5.3. Yaboo

Xiinxala asoosamoota kanneenii keessatti haala boqonnaa afur keessatti ulaagaalee kaa'amaniin qaaccessuuf yaalametti barruuwwan kunneen akkuma cimina heddu qaban, hanqinoota fooyya'uu qabanis lafa kaa'amani jiru. Kanaafuu, yaadoleen akka hanqinaatti ka'an haala kanaa gadiin osoo fooyya'ee caalatti kitaaba gaarii ta'uu danda'a jedhamee amanama.

- Dogoggorri qubeessuu fi caasaalee himaa keessatti mul'atan osoo sirraa'anii gaarii ta'a.
- Goobaangaleessi asoosamoota keessatti osoo yaada barruu addaan hinkutiin jalqabaa hangadhumaatti osoo deemee gaarii dha jedheen yaada.
- Yaadni tokko bakka adda addaatti irra deddeebi'amuun isaanii osoo hafee yaada biraatiin bakka bu'ee
- Dubbiiwwan qolaa akkasaafi ideessatti baay'inaan fayyadamuurra osoo gosa adda addaatti fayyadamuun yaalamee gaarii ta'a jedheen amana.

Wabii

- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eelaa. Seena ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Fareast Printing PLC.
- Abdii Waggaarii. (2015). *Qaaccessa ASoosamoota Tuulaa Cubbuu fi Ichima Jaalalaa Ija Yaaxina Bifiyyeetiin*. Waraqaa Qorannoo MA. Yuunivarsiitii Addis Ababaa kan hin maxxanfamne.
- Alamituufaa. (2011). *Asoosama Bal'aa*. Moojula Barnoota Fagoo. Yuunivarsiifii Jimmaa Kan Hin Maxxanfane
- .(2001) *Literary Thory* . USA Canada: Taylor And Francis Group.
- Bartens.H .(2008) *The Basic Literary Theory* .USA And Canda Taylor And Francis Group.
- Bernic ,G. (1989). *Literature*. USA: Harcourt Brace Joranovich, Inc.
- Carter, D. (2006). *Literary Theory British: Pocket Essentials*
- Crimson. (2012). *The Everything Writing Series*. USA: Adams Midia. Adivis ien FTW.
- Culler. J. (1997). *Literary Theory* . Avery Short Int Roduction London: Oxfordumivers, Ty Press.
- Dalisay,J. (2006). *The knowing in the Writing Notes and the Practice of Fiction*. Philipines the University Of Philipiens Press
- Dean, N. (2006).*Discovery Voice*. Florida: Library Of Congress Catalog In Publication Data.
- Dobje Ann. (2012). *Theory Into Practice Qn In Ttroduction To Literary Criticism 3rd*. USA: Nasan Education Ltd.
- Dorson, R.. (1972). *Folklore and Folk Life*. United State of America: University of Chicago.
- Erlich, V. (1980)) *Russian Formalism Nether/ And Aouton Publisher*.
- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii*. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Finfinnee Oromiyaa

- Fiqaaduu Qana'aa.(2012). *Qaaccess Waliddaafi Fakkoommii Asoosamoota Dhaaba Wayyeessaa*: Addis Ababa Univarsitii UN Prited MA Thesis .
- Griffth.K. (2011) .*Writing Essay About Literature A Guid And Stle Sheet 8th Ed.* USA : LNN.UHL.
- Kalges, M .(2006). *Literary Theory. A Guide For The Perplexed* : Grait Britain (Romuwel Ltd.
- Kercheval. J (1997). *Building Fiction How To Develop Prot And Structure USA.* The University 7 Visconsin Press.
- Kirisher And Mandell. (1994) .*Fiction Reading, Reacfing Writing.*USA: Horcourt Brace And Compene.
- Klarer, M. (1999). *An Introduction to Literary Studies.* Loondon: Routeledge.
- Lalisaa Indiris Adam. (2016). *Galfata.*Asoosama Dheeraa Fifiinee : Oromiyaa
- Lammii Beenyaa. (2016). *Afaan Qawwee Jalatti.* Asoosama Dheeraa. Fifiinee Oromiyaa
- M.Ellis ,J .(1974). *The Teory Of Literary Criticism ; Alogical Analysis* USA. University Of California Press Ltd .
- Milhom, H. (2006) .*Writing Henres Fiction A Guide To The Craft.* USA: Bocaraton Florida.
- Novakovich, J. (1994). *Fiction Writers Workshop.* USA:Vigest Books.
- Pugh, T And Margaret ,E. (2014) .*Literary Studies A Practifcal Guide USA And Canada:* Swalle And Willis LTD.
- Qananii Baayisaa .(2016). *Xinxala Asoosamoota Burreen Bifa Tokko miti fi Dibaa.* Yuunivarsiitii Addis Ababa kan hin maxxanfamne.
- R E. Myers. (2008). *Figures Of Speech. Astudy And Practicing Guide.* Usa Teaching And Learning Copany

Ricoeur .(1975). *The Rule Of Metha Plot. United King Dom.* Tolyor And Fram Is Group.

Roymond , W. (1992). *The Poetics And Mibd, Figuratne Thoougt Language And Under Standing.* Cambridge : Cambridge University University Press.

Selden And Widdowson, P.(1993). *Areaders Guide To Contemporary Literary Theory 3rd Ed.* University Press Of Kenture Kg.

Turco, L. (1999). *The Book Literary Terms.* USA. University Press Of New.

Wall, G. (2006). *A Theory Of Literary Production.* USA: Taylor And Francis Grup.

Wil Copx And Rankin .(1993). *Fundamentals and Fiction.* .USA: University Press Of American Ink.

ዘሪሁን አሰፋው፡፡ (2009)፡፡ የሥነ-ፅሁፍ መሰረታዊውያን፡፡ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፣ አዲስ አበባ፡፡